



Qajeelfama Jijjiirraa Barsiistotaa Naannoo Oromiyaa

Biuroo Barnootaa Oromiyaa

Caamsaa bara 2010

Finfiinnee

Barbaachisummaa Qajeelfama Kanaa

- Garaagarummaa facaatii barsiistotaa Magaalaafi Baadiyyaa jidduu jiru sadarkaa sadarkaan fooyyeessuun humna barsiisaa naannicha keessa jiru haalaan itti fayyadamuun istaandaardii hira barataa barsiisaa fooyyeessuun waan barbaachiseef.
- Haadha warraafi abbaa warraa walitti fiduun barsiisaan hojii isaa qalbii guutuun akka hojjatuufi barsiisaan baasii hintaaneef akka hinsaaxilamne gochuun waan barbaachiseef.
- Mirgaafi haamilee barsiisaa eeguufi kaka'umsa hojii barsiisaa keessatti uumuun qulqullinni barnootaa akka mirkanaa'u gochuun waan barbaachiseef.
- Barsiistota rakkoolee fayyaa qaban dhaabbilee fayyaatti dhiyaachuun akka fufiinsaan wal'aansa argatan mijeessuun waan barbaachiseef;
- Barsiistotaa muuxannoo qaban jijjiirraa bakka tokko irraa gara bakka biraatti geessuun manneen barnootaa barsiistota muuxannoo qabaniin guutaa deemuun hawaasa barnootaa fayyadamaa gochuun waan barbaachiseef.
- Adeemsa barachuu barattootaatiif haala mijeessuuf jijjiirraa barsiistotaa gaggeessuun waan barbaachiseef.
- Qulqullina barnootaa fooyyeessuun ittiqufinsi maamilaa akka dabaluu gochuuf Qajeelfama jijjiirraa Barsiistotaa Manneen Barnoota Oolmaa Daa'immanii irraa hanga Qophaa'inaa akkasumas Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa Naannoo Oromiyaa keessatti argaman irratti raawwatinsa kan qabaatu Qajeelfamani Jijjiirraa Barsiistotaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 03/2010 fooyya'ee bahee jira.

KUTAA TOKKO
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun “**Qajeelfama Jijjiirraa Barsiistotaa Naannoo Oromiyaa, bara 2010**” jedhamee waamamuu ni danda’aa.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa, hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta’e malee, qajeelfama kana keessatti:

- a) **”Naannoolee”** jechuun akkaataa Caaseffama Mootummaa Federaalaa yeroo ammaatiin Naannooleefi Bulchiinsa Magaalotaa Itti Waamamni isaanii Mootummaa Federaalawaaf ta’an(Affaar, Tigiraay, Amaaraa, Oromiyaa, Itiyooophiyaa Sumaalee, Beenshaangul Gumuzi, Sabaa Sablamootaafi Uummattoota Kibbaa, Gambeellaa, Hararii, Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Kaawunsilii Bulchiinsa Magaalaa Dirreedaawaa) jechuudha.
- b) **”Mootummaa Naannoo”** jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- c) **”Biiroo”** jechuun Biiroo Barnoota Oromiyaa jechuu dha.
- d) **”Waajjira Barnootaa”** jechuun akkaataa caaseeffama barnootaatiin Waajjira Barnoota Godinaa, Waajjira Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa yookaan Waajjira Barnoota Aanaa jechuudha.
- e) **”Hojjataa”** jechuun hojii mootummaa irratti dhaabbiidhaan qaxaramee tajaajila uummataaf kan kennaa jiru jechuudha.
- f) Barsiisaa jechuun hojjataa dhaabbataa Mootummaa qaxaraman ta’ee ogummaa barsiisummaatiin dhaabbilee barnoota mootummaa keessatti hojii baruufi barsiisuu kan gaggeessaa jiru jechuudha.
- g) **”Dhaabbilee Barnootaa”** jechuun manneen barnootaa Barnoota Idileen Duraa irraa hangaa Qophaa’inaa akkasumas Kolleejjiiwwan Barnoota Barsiistotaa baajata mootummaa Naannoo Oromiyaatiin deeggaramuun hojii baruufi barsiisuu geggeessaa jiran jechuudha.
- h) **”Bulchiinsa Magaalaa”** jechuun haala caaseffama Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Magaalaa itti wamamni isaa sadarkaa naannoof ta’ee jechuudha.
- i) **”Jijjiirraa waliin waliinii”** jechuun barsiisonni bakka adda addaatti hojjataa jiran lama, mindaafi gosa barumsa walfakkaatuun bakka hojii isaanii wal jijjiiranii hojjechuuf gaaffii isaan dhiheessan irratti hundaa’ee jijjiirraa raawwatamu jechuudha.
- j) **”Fuudhaafi Heeruma”** jechuun abbaa manaafi haadha manaa ta’uun waggoota lamaafi oli kan waliin jiraataa jiraniifi ragaa fuudhaafi heerumaa mana qopheessaa, dhaabbilee amantaa yookin Mana Murtii Shariyaatiin mirkanaa’e dhiheeffachuu kan danda’an jechuu dha.

- k) **"Koree"** jechuun jijjiirraa barsiistotaa raawwachuuf sadarkaa Aanaalee, Godinaalee, Bulchiinsa Magaalotaa itti waamamni isaanii sadarakaan kan naannoofi Biiroo barnoota Oromiyaatti koree dhaabbatee jijjiirraa barsiistotaa raawwachuuf aangoon kan kennameef jechuu dha.
- l) **"Dhibee"** jechuun dhukkuba barsiisaa irra gahee bu'uureeffachuun "Boordii Doktoroota Fayyaa sadii" mallattaa'eefi Tiitara Meedikaala Daarkiteeraa Hosppitaalchaatiin mirkanaa'ee ragaa barsiisaaf kennamu jechuudha.
- m) **"Rakkoo Addaa"** jechuun rakkoo lubbuu barsiisaa yookiin maatii isaatiif naannoo hojii isaa jiraachuuf sodaachisaa ta'eefi balaaf saaxiluu danda'u ta'uu koree jijjiirraafi ramaddii sadarkaa sadarkaan jiruun kan mirkanaa'e jechuudha.
- n) **"Maatii"** jechuun abbaa manaafi haadha manaa akkasumas ijoollee horatanii waliin jiraataa jiran jechuudha.
- o) **"Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa"** jechuun Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa Mootummaa itti waamaamn isaanii Biiroo Barnoota Oromiyaatiif ta'e jechuudha.
- p) **"Miidhama Qaamaa"** jechuun qaroo dhabeeyyii yookan miidhaa cimaa harkaa yookan miillaa kan qabu ta'ee gurraan dhaga'uufi dubbachuu kan danda'uufi dhaabbatee hojii baruu-barsiisuu gaggessu kan danda'u jechudha.
- q) **"Waldaa Barsiistotaa"** jechuun akkaataa caaseeffama waldaa barsiistotaatiin Waldaa Barsiistota Naannoo, Godinaa, Bulchiinsa Magaalaa yookan Waldaa Barsiistota Aanaafi Waldaa Bu'uraa Kolleejjii Barnoota Barsiistotaafi kan manneen barnootaa Barnootaa Idileen Duraa irraa hanga Qophaa'inaatti jiran jechuudha.
- r) **"Kuufama"** jechuun hira barataafi barsiisaa jiddugaleefatee qoodinsa wayitii barnootaa barsiisaan tokko mana barumsaa inni itti barsiisuu keessatti qabuun ilaalamee yookan madaalamee caalmaa humna namaa baka sana jiru kan agarsiisu jechuu dha.

3. Daangaa Raawwatiinsa Qajeelfamichaa

- a) Qajeelfamni kun jijjiirraa barsiistota Manneen Barnootaa Idileen Duraa irraa hanga Qophaa'inaatti kanneen jiraniifi Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti kanneen barsiisaa jiran hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

4. Ibsa Koornaayaa

- a) Qajeelfama kana keessatti jechi kornayaa dhiiraaf barreeffame dubartis nidabalata.

KUTAA LAMA

5. Haala Unki Jijjiirraan Barsiisaa Itti Guutamuu Qabu

- 5.1. Adeemsi jijjiirraan barsiistotaa itti raawwatamuu keessaa tokko barsiisaan bakka itti jijjiiramuuf fedhii qabuu irratti sababa jijjiirraa itti gaafate waliin unka irratti guutee gaaffii dhiyeessuu qaba. Barsiisaan Mana Barumsa Idileen Duraa irraa hanga Qophaa'inaa akkasumas Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa tokko irraa gara isa kan biraa sadarkaa istaandardiin barbaaduun sadarkaa mana hojii isaatti unka guutee mirkaneessuu qaba. Haata'u malee barsiisaan sadarkaa barnootaa isaa sagantaa adda addaatiin fooyyeeffate bakka istaandardiin isaa eeyyamuutti gaaffii jijjiirraa dhiyeeffachuu nidanda'a.
- 5.2. Naannoo tokkoo irraa gara naannoo biraa, godinaa yookan bulchiinsa magaalaa tokko irraa gara godinaa yookan bulchiinsa magaalaa biraa, Aanaa tokko irra gara aanaa biraatti, Koolleejjii Barnoota Barsiisoota tokko irraa gara Koolleejjii Barnoota Barsiisoota biriitti barsiisaan fedhii jijjiirraa sadarkaa mana hojii isaatti unka guutuun gaaffii dhiyeeffachuu isaa mallattoo isaatiin mirkaneeffachuu qaba.
- 5.3. Gaaffiin jijjiirraa dhiyaatu hundi unka qophaa'e irratti filannoo tokkoffaa hanga sadaffaa guutuun kan raawwatamu ta'ee, filannoowwan tokkoffaa hanga sadaffaa guute irratti dura duuban bakka caalmaa argatte irratti iddo tokkotti jijjiirraan niraawwataaf

6. Jijjiirraa Gaafachuuf Tajaajila Barbaachisu.

- 6.1. Naannoo Oromiyaa irraa gara Naannoo biraatti jijjiirraa taasifamu irratti tajaajilli barbaachisu yoo xiqqaate waggaa sadii ta'uu qaba.
- 6.2. Godina yookan bulchiinsa magaalaa tokko irraa gara godina yookan bulchiinsa magaalaa biraatti jijjiirraa taasifamu irratti tajaajilli barsiisaa yoo xiqqaate waggaa lama ta'uu qaba.
- 6.3. Godina tokko keessattii aanaa tokkoo irraa gara aanaa biraatti jijjiirraa taasifamuuf tajaajilli barsiisaa yoo xiqqaate waggaa lama ta'uu qaba.
- 6.4. Aanaa tokko keessatti mana barumsaa tokkoo gara mana barumsaa biraatti jijjiirraa taasifamuuf tajaajilli barsiisaa yoo xiqqaate waggaa tokkoofi isaa oli ta'uu qaba.
- 6.5. Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa tokko irraa gara Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa biraatti jijjiirraan raawwatamu irratti tajaajilli barsiisaan Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa keessatti qabu tajaajila waggaa tokkoo fi isaa oli ta'ee madaallii raawwii hojii seemisteera tokkoo koolleejjii keessaatiin qofa fedhii jijjiirraa guutuu ni danda'u.

- 6.6. Keeyyata 6 (a fi b) akkuma jirutti ta'ee, barsiisonni sababa fayyaa, rakkoo hawwaasummaa yookiin rakkoo addaatiin jijjiirraa gaafatan dirqama turtii jijjiiraan barsiistotaa itti gaafatamu eeguu hinqaban.

7. Akkaataa Baajatni Jijjiirraafi Qaxarriif Barsiistotaa Itti Dhiyaachuu Qabu

- 7.1. Aanaaleen fedhii jijjiirraafi qaxarrii barsiisaa bara baajata tokkotti qabatan keessaa jijjiirraaf 50% fi qaxarriifis 50% qabatani, Bulchiinsi magaalaa itti waamamni isaanii Godinaaf ta'e Baajeta Jijjiirraa % 100 abachuun godina isaanii kan beeksisanii fi Bulchiinsi Magaalaa ittiwaamamni isaa Naannoof ta'e immoo baajata qabu keessaa 100% jijjiirraaf qabachuun Biiroo Barnoota Oromiyaa beeksiisu qaba. Aanaaleefi Bulchiinsi Magaalotaa baajatni jijjiirraa barsiisaaf isaan qabachuu qaban mindaa sadarkaa guddinaa barsiistotaa isa fiixee gosa barnootaa, sadarkaa barnootaafi baayi'ina barsiisaa sadarkaa barumsaan isaan barbachisuun adda baasuun gaafachuu qabu.
- 7.2. Aanaaleefi Bulchiinsi Magaalotaa fedhii jijjiirraafi qaxarrii barsiistotaa yeroon godinaaleef erguu qabu. Haa ta'uu malee, aanaaleen fedhii jijjiirraa barsiistotaa hambisuun qaxarrii qofa kan ergan yoo ta'e waajjirri barnoota godinaa fedhii qaxarriif ergame keessaa 50% hir'isuun jijjiirraaf akka olu gochuu qaba.
- 7.3. Waajjirri barnootaa godinaa baay'ina barsiisaaa isa barbaachisu keessaa jijjiirraaf 50% fi qaxarriif 50% qabachuun Biiroo Barnoota Oromiyaaf yeroon beeksiisuu qabu.

8. Jijjiirraa Raawwachuun Dura Haalota Guutamuu Qaban

- 8.1. Jijjiiraan Naannoo Oromiyaa irraa gara naannoo biraatti raawwatamu tokko waliigaltee Naannoo Oromiyaafi naannoolee biraa jidduutti taasiifamu irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a. Kanaafuu, jijjiirraa barsiisaa tokko osoo hinraawwatin dura naannooleen biraafi naannoo keenya barsiistota jijjiiraan fudhachuuf fedhiin dhiyaate mirkanaa'uu qaba.
- 8.2. Barsiisaan naannoo biraa irraa gara Naannoo Oromiyaatti **Manneen Barnoota Idileen Duraa fi Sadarkaa Tokkoffaa(1-8)** irratti jijjiirraa gaafate tokko Afaan Oromootiin barsiisuu danda'uu isaa ragaan barnoota isaa erga mirkanaa'ee booda Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin bakka duwwaa jirurratti jijjiiraan isaa kan raawwatamuu ta'a.
- 8.3. Jijjiirraa Godinaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa tokko irraa gara godinaa yookaan bulchiinsa magaalaa biraatti yookiin kolleejjii barnoota barsiistotaa tokko irraa gara kolleejjii barnoota barsiistotaa biraatti taasiifamu tokko gaaffii dhiyaateefi baajata jiru bu'ureeffachuun kan raawwatamuu ta'a.
- 8.4. Godinni yookaan Bulchiinsi Magaalaa baajata jiru bu'ureeffachuun barsiisaa jijjiiraan fudhachuu barbaadu osoo ifaa hin taasiisin dura godina yookaan bulchiinsa magaalaa irraa fudhatu beeksiisuun akka gadidhiisuuf gaaffii dhiyeessuu qaba. Godinni yookaan bulchiinsi magaalaa barsiisaa akka

gadidhiisu gaafatame tokko immoo dhimmi jijjiirraa barsiisichaa guyyaa shan keessatti qaboo yaa'iitiin mirkaneessuun gadidhiisuu isaa godina yookan bulchiinsa magaalaa itti jijjiirame beeksiisuun garagalchaan Biiroo barnoota Oromiyaaf gabaasuu qaba.

- 8.5. Jijjiirraa aanaa tokko irraa gara aanaa biraatti taasiifamu tokko waajjirri barnoota godinaa kan raawwatu ta'ee, aanaaleen barsiisaa jijjiirraan fudhachuu barbaadan baajata qabaachuu isaanii qaboo yaa'ii koree qindeessituu aanaatiin mirkaneessuun waajjira barnoota godinaaf hanga Bitootessa 15 tti beeksiisuu qabu.
- 8.6. Jijjiirraan sadarkaa godinaa/Bulchiinsa Magaalaatti raawwatamu tokko godinaa tokko irraa gara Godina yookan bulchiinsa magaalaa biraatti, aanaa tokko irraa gara aanaa biraatti akkasumas mana barumsa Qophaa'inaa tokkoo irraa gara Mana Barumsa Qophaa'ina biraatti kan raawwatamu ta'ee, jijjiirraan barsiistotaa kun kan sadarkaa naannoo erga xumuramee booda ta'a. Jijjiirraa barsiistotaa aanaa/bulchiinsa magaalaa irratti raawwatu immoo kan sadarkaa godinaa erga xumurameen guyyaa kudhan booda barsiisoota haaraa jijjiirran ergamaniif erga simataniin booda haala tajaajila isaaniin walsimsiisuun kan hojjatamu ta'a.

9. Haala Qabxiin Jijjiirraa itti kennamu

9.1. Barsiisonni Manneen Barnoota Idileen Duraa irraa hanga Qophaa'inaatti jiran jijjiirraa yoo gaafatan qabxiileen isaan ittiin waldorgoman tajaajila yookaan muuxannoo hojii ogummaa barsiisummaa irratti qaban, iddoo itti hojjachaa jiraniifi madaallii raawwii hojii isaanii jidduugaleessa godhachuun kan raawwatamu ta'aa.

Haaluma Kanaan:

A) Tajaajilli ...50% yoo ta'u, jijjiirraa barsiistota Barnoota Idileen Duraa irraa hanga Qophaa'inaa jiraniif qabxiin tajaajilaaf kennamu haala armaan gadiitiin ta'a.

❖ **Shallaggii Qabxii Tajaajilaa %50 keessaa**

Tajaajila Waggaadhaan	Qabxii 50 % keesaa	Tajaajila Waggaadh	Qabxii 50 % keesaa
1	1	18	26.5
2	2.5	19	28
3	4	20	29.5
4	5.5	21	31
5	7	22	32.5
6	8.5	23	34
7	10	24	35.5
8	11.5	25	37
9	13	26	38.5
10	14.5	27	40
11	16	28	41.5
12	17.5	29	43
13	19	30	44.5
14	20.5	31	46
15	22	32	47.5
16	23.5	33	49
17	25	34 fi ol	50

B) Shalaggii Madaallii Raawwii Hojii Barsiistotaa Qabxii %10 keessaa

Madaallii	Qabxii %10 keessaa	Mada allii	Qabxii %10 keessaa	Mada allii	Qabxii %10 keessaa	Mada allii	Qabxii %10 keessaa
100	10	87	7.4	74	4.8	61	2.2
99	9.8	86	7.2	73	4.6	60	2
98	9.6	85	7	72	4.4	59	1.8
97	9.4	84	6.8	71	4.2	58	1.6
96	9.2	83	6.6	70	4	57	1.4
95	9	82	6.4	69	3.8	56	1.2
94	8.8	81	6.2	68	3.6	55	1
93	8.6	80	6	67	3.4	54	0.8
92	8.4	79	5.8	66	3.2	53	0.6
91	8.2	78	5.6	65	3	52	0.4
90	8	77	5.4	64	2.8	51	0.2
89	7.8	76	5.2	63	2.6	50	0
88	7.6	75	5	62	2.4		

C) Ramaddii Bakka Barsiisaan Ture 40%

Fageenya bulchiinsa magaalotaa fi godinaaleen Finfinnee irraa qaban fi haala qilleensaa, bu'uuraalee misoomaa kan akka daandii, bilbila, ibsaa, bishaan qulqulluu, tajaajila fayyaafi kkf. qaban ilaalamee bakki hojii bifa armaan gadiitiin qooduun qabxii 40% akka qabaatu taasifamee jira. Godinaalee Oromiyaa 20, bulchiinsa magaalotaa 19 fi KBB 12 akka armaan gadiitti ramaddii fi qabxiin kennameefii jira.

Kenniinsa Qabxii Fageenya Magaalootaa

1. Ramaddii Sadarkaa Tokkoffaa (Qabxii 20%)	1. Ramaddii Sadarkaa Lamaffaa (Qabxii 25%)
a) Bishooftuu,	a) Bul/Magaalaa Jimmaa
b) Adaamaa,	b) Asallaa
c) Dukam,	c) Shaashamannee
d) Sabbataa,	d) Naqamtee
e) Laga xaafuu L/Daadhi,	e) Amboo
f) Sululataa,	f) Baatuu
g) Burraayyuu,	g) Roobee
h) Galaanii fi	h) Walisoo
i) Mojoo	i) Bishaan Gurraachaa
j) Hoolata dha.	

Sadarkaa Qabxii Godinaaleef kenname

3. Ramaddi i Sadarkaa Sadaffaa (Qabxii 28 %)	4. Ramaddi i Sadarkaa Afuraffaa (Qabxii 31 %)	5. Ramaddi i Sadarkaa Sadaffaa (Qabxii 34 %)	6. Ramaddi i Sadarkaa Afuraffaa (Qabxii 37 %)	7. Ramaddi i Sadarkaa Afuraffaa (Qabxii 40 %)
Shawaa Bahaa	Arsii	Jimmaa	Harargee Lixaa	Baalee
Shawaa Lixaa	Arsii Lixaa	Wallagga Bahaa	Wallagga Lixaa	Booranaa
Shawaa Kibba Lixaa		Horra Guduruu Wallagga	Bunnoo Baddallee	Gujii
Shawaa Kaabaa				Gujii Lixaa
Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee				Harargee Bahaa
				Iluu Abbaa Boor
				Qeellam Wallagga

Hubachiisa

- Godinaaleen aanaalee isaan jala jiran fageenya isaanii magaalaa Godinichaa irraa qaban, Tajaajila bu'uraa isaan qabaniif fi kan kana fakkaataniin bakka sadii fi isaa oliin qooduun haala kanaa olitti ibsameen sadarkaa kennuu fi Biiroo Barnoota Oromiyaa beeksisuun jijjiirraaf itti fayyadamuu qaba. Aanaaleenis bifuwa walfakkaatuun qabxii manneen barnootaa isaaniif addaan qooduun godinaaf beeksisuun itti fayyadamuu qabu.
- Aanaalee, Godinaalee, Bulchinsa Magaalootaa haala qabxii keeyyata 9.1. (a, b fi c)jalatti ibsameen barsiistota godiina yookan Bulchiinsa Magaalotaa tokko irraa gara godiina yookan Bulchiinsa Magaalotaa biraatti akkasumas kanneen naannoo biraa jijjiirraa gaafatan 100% keessaa shallaguun unka jijjiirraa barsiistotaa irratti guutamee qaama dhimmi ilaaluuf yeroon dhiyyaachuu qaba.

10. Sadarkaa Jijjiirraan Barsiistotaa Itti Raawwatamu

10.1.Nannoo Oromiyaa irraa gara Naannoo biraatti yookaan naannoo biraa irraa gara Naannoo Oromiyaatti jijjiirraan barsiisaa tokkoo sadarkaa naannoo irratti kan raawwatamu ta'a.

10.2.Koolleejjii Barnoota Barsiistota tokko irraa gara Kolleejjii Barnoota Barsiistota biraatti jijjiirraan barsiisaa raawwatamu tokkoo sadarkaa naannoo irratti kan raawwatamu ta'a.

10.3. Godina yookaan bulchiinsa magaalaa tokko irraa gara godina yookaan bulchiinsa magaalaa biraatti jijjiirraan barsiisaa raawwatamu kamiyyuu sadarkaa godina yookaan bulchiinsa magaalaa kan raawwatamu ta'a.

10.4. Aanaa tokko irraa gara aanaa biraatti jijjiirraan raawwatamu tokkoo sadarkaa godinaatti kan raawwatamu ta'a.

10.5. Manneen barnoota Oolmaa Daa'immanii irraa hanga Qophaa'inaatti jijjiirraa barsiisaa tokko kan raawwatamu sadarkaa Bulchiinsa Magaalaa yookaan Aanaa irratti ta'a.

11. Ulaagaalee Jijjiirraa Barsiistotaa Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa

A. Tajaajila 50%

Tajaajilaa Barsiisaan Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa **Keessatti Qabuu 30%** fi **Kan Kolleejjiin alatti Qabu 20%** walitti 50% keessaa Shalagamee Qabxiin Kan Kennamuuf Ta'a.

Hubachiisa: Barsiisonni Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa keessatti dorgommiin qacaramanii galanis ta'e kanneen Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa keessa jiran tajaajilli isaan Kolleejjii Barnoota **Barsiistotaatiin alatti** qaban kan gargaaruuf dorgommii **qacarrii haaraaf, carraa barnootaafi jijjiirraa** argachuun alatti **sadarkaa guddinaaf hin tajaajilu**

Qabxii Tajaajilaa barsiisoota Koolleejii

<i>Tajaajilaa waggaadhaan</i>	<i>Qabxii 30% KBB keessaa</i>	<i>Qabxii 20% KBBn Alaa</i>	<i>Ida'ama Waliigalaa 50%</i>
1	1.5	1.33	
2	3	2.67	
3	4.5	4	
4	6	5.33	
5	7.5	6.67	
6	9	8	
7	10.5	9.33	
8	12	10.67	
9	13.5	12	
10	15	13.33	
11	16.5	14.67	
12	18	16	
13	19.5	17.33	
14	21	18.67	
15	22.5	20	
16	24		
17	25.5		
18	27		
19	28.5		
20fi oli	30		

B. Madaallii Raawwannaa Hojii Qabxii 10%.

- a) Madaalliin raawwannaa hojii kan marsaa lamaa walitti aanasee jiru Qabxii 10% kessaa kan qabamu ta'a.
- b) Haata'u malee barsiistota Kolleejjii barnoota Barsiistotaa tajaajila kolleejjii keessatti waggaa tokkoon jijjiiraa gaafataniif qabxiin raawwannaa hojii seemisteera tokkoo guutamee jijjiirraaf kan itti gargaaramu ta'a.

Shalaggii Madaallii Raawwii Hojii Barsiistotaa Koolleejii Qabxii %10 keessaa

Madaallii	Qabxii % 10 keessaa	Madaal lii	Qabxii %1 0 keessaa	Mada allii	Qabxii % 10 keessaa	Mada allii	Qabxii %10 k eessaa
100	10	87	7.4	74	4.8	61	2.2
99	9.8	86	7.2	73	4.6	60	2
98	9.6	85	7	72	4.4	59	1.8
97	9.4	84	6.8	71	4.2	58	1.6
96	9.2	83	6.6	70	4	57	1.4
95	9	82	6.4	69	3.8	56	1.2
94	8.8	81	6.2	68	3.6	55	1
93	8.6	80	6	67	3.4	54	0.8
92	8.4	79	5.8	66	3.2	53	0.6
91	8.2	78	5.6	65	3	52	0.4
90	8	77	5.4	64	2.8	51	0.2
89	7.8	76	5.2	63	2.6	50	0
88	7.6	75	5	62	2.4		

C. Ramaddii Sadarkaa Kolleejii Barnoota Barsiistotaaf Iddoo Kennamu Qabxii(18%-40%)

- a) Kolleejii Barnootaa Barsiistotaa Sabbataa (sadarkaa Tokkoffaa).....18%
- b) Kolleejii Barnoota Barsiistotaa Asallaafi Fichee (Sadarkaa Lammaffaa).....28%
- c) Kolleejii Barnootaa Barsiistota Jimmaa, Naqamteefi Roobee (Sadarkaa 3ffa)-----32%
- d) Kolleejii Barnootaa Barsiistotaa Ciroofi Shaambuu (Sadarkaa Arfaaffaa).....36%
- e) KBB Adoolaa, Bulee Horaa, Dambii Dolloofi Mattuu(Sadarkaa Shanaffaa)...40%

12. Akkaataa Jijjiirraa Barsiisoota Koolleejii Barsiisootaa

Akkaataa Jijjiirraa Barsiistotaa Kolleejii Barnootaa Barsiistotaa Tokko Irraa Gara Kolleejii Barnootaa Barsiistotaa Biraatti Itti Raawwatamufi Qaxarii Haaraan Bakka Itti Bu'uu Danda'u

- a) Barsiisaa jijjiirraa gaafate tokko qajeelfama jijjiirraa barsiistotaa irratti hundaa'uun sadarkaa Biiraa Barnootaa Oromiyaatti jijjiirran isaa niraawwatama. Bakka barsiisaan jijjiirraan kolleejii Barnootaa

Barsiistotaa irraa ka'e irraatti immoo Biiron Barnoota Oromiyaa beeksiisa ifa ta'e baasuun qaxarrii haaraa raawwachuun Kolleejjii Barnoota Barsiistotaaf yeroon bakka nibuusa.

- b) Kanaaf, Kolleejjii Barnoota barsiistotaa barsiisaa dabalataan barbaadan mindaa ka'umsa digirii lammaffaa iskeelii kolleejjii ibsuun xalayaan Biiron Barnoota Oromiyaaf hanga Bitootteessa 30tti qaboo yaa'iitiin deeggaruun erguu qaba.

KutaaSadii

13. Sababiiwwan Jijjiirraa barsiistotaafi Gahoo kenname

Bakka baajanni jirutti gaaffiin jijjiirraa barsiistota yemmuu dhiyaatu sababa armaan gadii jiddugaleessa godhachuun jijjiirraan kan raawwatamu yemmuu ta'u, isaanis:

- a) Fuudhaafi heeruma (gaa'ilaf) gahoon Kennamu.....50%
- i. Barsiisoota BID hanga M.B Qophaa'inaa 46%
 - ii. Gaa'ila Barsiisoota KBB Naannoo Oromiyaa 3%
 - iii. Gaa'ila Yunivarsitii Naannoo Oromiyaa 1%
- b) Dhibee, rakkoo addaa, Hawaasummaa fi miidhama qaamaaf gahoon kennamu.....20%
- c) Tajaajilaaf gahoon kennamu.....30%
- d) Jijjiirraan waliin waliinii
- e) Kuufama sirreessuuf jijjiirraa barsiistotaa raawwatamu
- f) Jijjiirraa Mana Barnoota Moodeela ta'aniif raawwatamu

Hubachiisa: Keyyata 13 (a,b, fi c) jalatti gahoon kenname kan hin guunne yoo ta'e sababa tajaajilaa fi kanneen birootiif reeshoo taa'een fayyadamuun nidanda'a

13.1. Jijjiirraa Fuudhaafi Heerumaan (Gaa'ila) Raawwaatamu

13.1.1. Abbaa Manaafi Haadha Manaa Lamaan Isaanii Barsiisaa Ta'aniif Jijjiirraa Raawwatamu

- a) Barsiisaan Bulchiinsa Magaalaa yookan aanaa tokko keessatti manneen Barnoota Idileen duraa irraa hanga Qophaa'inaatti gargar bahanii jiraatan jijjiirraa yoo gaafatan ragaa gaa'eelaa seera qabeessa ta'ee kan qabaatee haala qajeelfama kana irratti tuqameen jijjiirraa guutuun isaa yoo mirkana'e barsiistota gaaffii wal-fakkaatu qaban wajjin dorgomuudhaan bakka duwwaa jirurratti jijjiirraan niraawwatamaaf.
- b) Abbaa manaa yookaan haati warraa Godinaaleefi Bulchiinsa Magaalotaa gargaraa keessa addaan bahanii jiraatan ragaa gaa'eelaa seera qabeessa ta'ee waggaa lama guuteefi haala qajeelfama kanaatiin jijjiirraa yoo guute barsiistota gaaffii walfakkaatu qaban wajjin dorgomuudhaan jijjiirraan niraawwatamaaf.
- c) Barsiisaan Naannoo Oromiyaa keessatti hojjataa jiru tokko barsiisaa naannoo biraa keessa jiru wajjin gaa'eela qabaatee, Naannoo Oromiyaa irraa gara naannoo biraatti jijjiirraa yoo gaafate yookan naannoo biraa irraa gara naannoo Oromiyaatti jijjiirraa kan gaafate yoo ta'ee, haala qajeelfama kanaatiin unka kan

guute ta'uun yoo mirkana'e barsiistota gaaffii wal-fakkaatu qaban wajjin dorgomuudhaan jijjiirraan niraawwatamaaf.

- d) Qaxarii haaraa barsiistotaa Kolleejjii Barnoota Barsiistotaaf taasiifamu irratti barsiisaan ragaa gaa'ilaawaggaa tokkoo oli yoo dhiyeeffate maatii walitti fiduun hojiif haala mijeessuuf jecha godina Kolleejjiiin Barnootaa barsiistotaa inni itti ramadamee keessa jirutti baajatni jiraachuun isaa mirkanaa'e jijjiirraan maatii niraawwataaf. Haata'u malee yeroo gaafatame sanatti hanqinni baajataa yoo muudate bara baajata ittaanuutti iddoon qabameefi dorgommii tokko malee jijjiirraa hojjatamu irratti dursi nikennamaaf.

13.1.2. Abbaa Manaa Yookan Haadha Manaa Keessaa Tokkoon Isaa Barsiisaa, Kan Hafe Immoo Hojjetaa Caasaa Barnootaa Yoo Ta'e

- a) Abbaan manaa yookaan haati warraa caasaa barnootaa keessa ta'uun naannoo garagaraa keessa hojjachaa kan jiran ta'ee, jijjiirraa yoo gaafatee ragaa gaa'eelaa seera qabeessa kan waggaa 2(lama) ture waliin qabaachuun isaa erga mirkanaa'e booda, barsiistota jijjiirraa fuudhaafi heerumaan walfakkaatu gaafatan waliin waldorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a.
- b) Abbaan manaa yookiin haati warraa caasaa barnootaa keessa ta'ani Naannoo Oromiyaa keessa hojjechaa yoo jiraataniifi abbaan manaa yookaan haatii warraa barsiisaa Naannoo Oromiyaa yoo ta'e, gara bakka abbaan manaa yookiin haatii warraa jirutti jijjiramuuf yoo gaafate ragaa gaa'eelaa seera qabeessaafi kan waggaa lama ture waliin qabaachuun isaa yoo mirkanaa'e barsiisaa jijjiirraa fuudhaafi heerumaa gaafate waliin dorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a.

13.1.3. Abbaa Manaa Yookiin Haadha Warraa Keessaa Tokkoon Isaa Barsiisaa, Kan Hafe Hojjetaa Caasaa Barnootaan Ala Yoo Ta'e.

- a) Abbaan manaa yookiin haati warraa Naannoo Oromiyaa keessatti barsiisaa ta'uun isaan keessa tokko naannoo biraatti hojjetaa caasaa barnootaan ala yoo ta'ee, naannoo biraatti jijjiirraa yoo gaafate ragaa fuudhaafi heerumaa akkaataa qajeelfamaa kanaatiin unkaa guutuun yoo mirkana'ee barsiisaa jijjiirraa fuudhaafi heerumaa walfakkatuun gaafate waliin waldorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a.
- b) Abbaan manaa yookiin haati warraa barsiisaa Naannoo Oromiyaa ta'ee isaan keessaa tokko Naannoo Oromiyaa keessatti hojjetaa caasaa barnootaan ala yoo ta'ee, ragaa fuudhaafi heerumaa akkaataa qajeelfamaa kanaatiin unka guutuun yoo mirkana'ee barsiisaa jijjiirraa fuudhaafi heerumaa walfakkatuun gaafate waliin dorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a
- c) Qabxiin jijjiirraa sababa gaa'eelaa kan hojjetaa caasaa barnootaan alaafi kan hojjetaa caasaa barnootaa yoo walqixa ta'e, kan caasaa barnootaa keessa hojjetuuf dursi nikennama.

13.1.4. Abbaa Manaa Yookan Haadha Warraa Keessaa Tokkoon Isaa Waldaa Barsiisaa, Kan Hafe Immoo Barsiisaa yookan Hojjetaa Caasaa Barnootaa Yoo Ta'e

- a) Jijjiirraan filatamtoota Waldaa Barsiistotaa haala waliigaltee Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Waldaa Barsiistota Naannoo Oromiyaatiin niraawwatama.
- b) Filatamaa Waldaa Barsiistotaa ta'ee abbaan manaa yookiin haati warraa isa barsiisaa yookaan hojjataa seektara barnootaa ta'anii ragaa fuudhaafi heerumaa yoo qabaatan bakka hojii filatametti jijjiirraan dursi ni raawwatamaaf.

Hubachiisa

- a) Ragaan fuudhafi heerumaa kan aadaa, amantiifi kan mana qopheessaa ta'uun isaa ni beekama. Haata'u malee, hojii jijjiirraaf akka mijaa'u ragaa aadaa osoo guyyaan isaa hin jijjiiramin ragaa mana qopheessaa ykn dhaabbata amantiitiin mirkanaa'e waliin koree jijjiirraa sadarkaan jiruuf dhiyaachuu qaba.
- b) Jijjiirraan sababa fuudhaafi heerumaan raawwatamu tokko haadha warraa tokko qofa wajjin ta'a.
- c) Ragaan gaa'ilaa yeroo dhiyaatu xalayaan mana hojii isaa bara sanaa ibsu keessatti hojjetaa mootummaa dhaabbataafi bakka hojjetaan jiru kan ibsu walqabatee dhiyaachuu qaba.
- d) Ragaan rakkoo hawaasummaa gargaaru koree jijjiirraa fi ramaddii bakka rakkoon hawaasummaa jiruu dhiyaatee qaama jijjiirraa hojjatuuf dhihaachuu qaba.

13.2. Jijjiirraa Sababbii Dhibeetiin Raawwatamu

- a) Sababbii dhibeetiin jijjiirraa raawwatamu tokko irratti barsiisaan jijjiirraa gaafate ragaa doktooroota fayyaa sadiifi doktora meedikaalaan kan mallattaa'eefi yoo xiqqaate Tiitarii Maqaa Meedikaal Daarikteraa kan qabu ta'ee; yaadni dooktoorootaa boordii hospitaala riferaalaa mootummaa irraa argame bakka jijjiirraa ittigafatameen alatti yaalamuu kan hin dandeenyee ta'uun isaa yoo mirkanaa'e, godina yookan Bulchiinsa magaalaa biraatti jijjiiraan kan raawwatamuuf ta'a.
- b) Hospitaalli yaaliin itti kennamu Rifaraala yoo ta'uu baate, godina yookan bulchiinsa magaalaa yookaan aanaa barsiisaan itti hojjataa jiru keessatti furmaata argachuu nidanda'a. Kana jechuun teessoon godinaafi bulchiinsi magaalaa akkaumas kan aanaa iddoo tokko yoo ta'e furmaata argachuu nidanda'ama.
- c) Dhibee sammuutiin walqabatee barsiisaan jijjiirraa yoo gaafate ragaa Doktaroota Fayyaa Sadiifi Doktora Meedikaalaan kan mallattaa'eefi Tiitarii Maqaa Meedikaal Daarikteraa kan qabu hospitaala mootummaa irraa yoo dhiheeffate baajanni jiraachuu isaa mirkanaa'ee niraawwatamaaf;
- d) Barsiisaan Sababa Dhibeetiin Jijjiirraa gaafatee Ragaa Meedikaalaa Gahaa yoo dhiheeffatee fi baajenni yoo dhabame Waggaa tokkoof baajata iddoo duraan hojjachaa jiruu argachaa iddoo yaalamuu danda'utti jijjiirraan ni raawwatamaaf.

- e) Barsiisaan sababii dhibeetiin iddoo yaalamuu danda'utti waggaa tokkoof jijjiirraa argatee waggaa itti aanutii yoo fayyuu baate ogeessa faayyaan mirkanaa'ee unka jijjiirraa guutee dursi kennameefii jijjiirraan niraawwatamaaf.
- f) Ragaan boordii doktoroota fayyaa irraa dhiyaatu waggaa tokko qofaaf kan tajaajilu ta'a.
- g) Raga hospitaalaa irraa dhihaatu irratti shakkiin yoo jiraate koreen jijjiirraa barsiistotaa sadarkaa sadarkaan jiru ragaa dhihaate qulqulleeffachuun erga mirkkanneefatee booda haqu nidanda'a.
- h) Ragaan dhibee dhihaatu kan dhihaachuu qabu hospitaala godina Barsiisichi keessaa hojiatu Yookaan Hospitaala Riifilaraa Godina Ollaa jirurraa ta'uu qaba
- i) Rakkoo dhibee Boordii Doktoroota sadii hospitalaa Riifaraalaa Dhaabata Fayyaa Mootummaatiin mirkana'een iddoo itti jijjiirraan gaaffatametti baajatni kan hinjirre yoo ta'eefi ragaan dhibee kanaa dirqama naannoo hospitaalli kun jirutti yookaan iddoo maatiin jirutti siqanii deeggarsa argachuu qabu yoo jedhame furmata argachuu qaba. Kunis bakka maatiin jiru irraa xalayaa deeggarsaa qaama bulchiinsa mootummaa dhimmi ilaallatuun erga mirkanaa'ee booda hanga waggaa itti aanuutti ergisaan kan jijjiiramuu fi mindaa aanaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa duraan keessa hojjachaa ture irraa argachaa bakka itti jijjiirametti kan yaalamuu ta'a. Waggaa tokko booda fayyuu akka hindandeenye ragaa mana yaalaatiin yoo mirkanaa'e haala armaan olitti lakk. 13.2.(d). tiin kan raawwatamu ta'a.
- j) Barsiisaan maatiin (Daa'imman yookaan haadha/abbaa manaa) isaa keessaa kan namni jalaa dhukkubsate yoo ta'eefi Meedikaal Boordii Hoospitaala Mootummaa Riifaraalaa Doktoroota sadiin mirkanaa'ee iddoo itti yaalamuu qabutti fudhatanii deemanii akka yaalamu akkaataa Keeyyata 13.2(d) kan deeggaramu ta'a.
- k) Hubachiisa: Raga hospitaalaa irraa dhihaatu irratti shakkiin yoo jiraate koreen jijjiirraa barsiistotaa sadarkaa sadarkaan jiru ragaa dhihaate qulqulleeffachuun erga mirkkanneefatee booda haqu nidanda'a.
- l) Barsiisaan Tokko ragaa Meedikaalaa Boordii dhiheeffachuu qabu Hospitaala Rifaraala Mootummaa Naannoo isaa jiru irraa ta'uu qaba. Dhibeen Barsiisaa/stuu Hospitaala Rifaraala Mootummaa Naannoo isaa biratti yaalamuuf hin dandeenyef Hospitaala Mootummaa akka Biyyaalessaatti beekkamtii qabu irraa yoo dhiheeffate ragaan ni ilaalamaaf.

13.3. Jijjiirraa Tajaajilaan Raawwatamu

- a) Barsiisotni gaa'ila hinqabne bakka tokkotti jijjiiramuuf tajaajilaan jijjiirraa yoo gaafatan ulaagaalee jijjiirraaf taa'een wal-dorgomsiisuun kanneen qabxii caalmaa qabaniif jijjiirraan kan kennamuuf ta'a.
- b) Abbaan warraa fi haati warraa bakka tokko jiraatanii jijjiirraa yoo guutan yookan sababa biraatiin abbaan tokko kan carraa jijjiirraa argate yoo ta'e isaan lachuu walfaana kan jijjiiraman ta'a. Haata'u malee isaan lamaan keessaa nama tokkoof iddoon kan hinjirre yoo ta'e yeroo ittaanutti baajatni qabamee bakka abbaan warraa jirutti jijjiirraan rdorgommii malee raawwatamuufii qaba.

13.4. Jijjiirraa Walii Waliinii

- a) Jijjiirraan walii waliinii kan raawwatamuu danda’u, barsiisotni wal jijjiirran lamaan, sadarkaan barumsaafi gosti barumsaa ittiin eebiffamaniifi mindaan kan walfakkaatuu ta’ee, dhuma samisteeraafi dhuma waggaa barnootaa irratti raawwatamuufii nidanda’a.
- b) Jijjiirraa waliin waliin godina yookaan bulchiinsa magaalaa tokko irraa gara isa biraatti akka raawwatamuuf barsiisotni fedhii qabaachuu isaanii iyyata godinaalee yookaan Bulchiinsa Magaalotaa isaaniitti dhiyeeffachuun jijjiirraa gaafachuu qabu.
- c) Jijjiirraan godina tokko keessatti aanaalee lamaan gidduutti raawwatu ilaalchisee iyyata barsiistota lamaanii bu’uureeffachuun Waajjirri Barnoota Godinaa kan raawwatu ta’a.
- d) Barsiisotni lamaan wal jijjiirraa raawwatan mana barnootaa keessa turan akka wal jijjiranitti fudhatamee iddoo gadidhiisan irratti bakka bu’anii ramadamuun akka hojjetan nitaasiifama.

13.5. Jijjiirraa Rakkoo Addaan Raawwatamu

- a) Barsiisaan tokko bakka itti hojjetu keessatti rakkoo humnaa ol ta’eefi lubbuu isaafi maatii isaaf sodaachisaa ta’ee yoo argame, koree jijjiirraafi ramaddii sadarkaa sadarkaan jiruun kan mirkanaa’e yoo ta’e, xalayaan deeggarsaa barreeffameefii tajaajillii isaa yoo guutuu baatees jijjiirraan godina yookan bulchiinsa magaalaa yookan aanaa walfakkaatutti nihojjatamaaf.
- b) Jijjiirraan rakkoo addaatiin raawwatamu aanaa barsiisichi keessa jiru keessatti furmaanni kan hinarganne yoo ta’e, sadarkaa godinatti furmaanni kennamuuf qaba. Aanaalee godina sana keessatti furmaanni yoo dhabame godina yookaan bulchiinsa magaalaa biraatti furmaanni akka kennamuuf nitaasifama. Kunis koree jijjiirraafi ramaddii sadarkaa aanaafi godinaa irra jiraniin ta’a. Barsiisaa sababa rakkoo addaatiin jijjiirraan akka hojjetamuuf ta’e baajatni bakka jijjiirametti kan hinjirre yoo ta’e, hanga bara baajataa itti aanuutti bakka duraan hojjetaa ture irraa mindaa argachaa, bakka itti jijjiirametti hojjechuun bara baajata haaraarratti baajanni qabameefii akkaataa 13.2 d. irratti ibsameen jijjiirraan niraawwatamaaf.
- c) Hub. Barsiisaan sababa rakkoo addaatiin jijjiirraan raawwatameef tokko jijjiirraan yeroof kan hojjetameefii ta’uun hubatamee barumma sanatti mirgi unka jijjiirraa guutuu nikennamaaf.

13.6. Barsisotaa Rakkoo Miidhama Qaamaa Qabaniif Haala Jijjiirraan isaanii Itti Raawwatamuu Qabu.

- a) Barsiisaan tokko sababa qaro-dhabeeyyi ta’eef yookaan sababa miidhama qaamaa qabuun karaa deemuu hindandeenyee, deeggarsa maatii, mana yaalaafi iddoo haalli mijataa ta’e gaafatu, ogeessa fayyaatiin hoospitala mootumaa kamirraayyuu yoo mirkanaa’e, baajatni jiraachuun mirkanaa’ee gara maatiitti, mana yaalaaafi iddoo haalli mijataa ta’etti jijjiirraan niraawwatamaaf.

13.7. Jijjiirraa Kuufamaa Barsiistotaa Sirreessuuf Raawwatamu.

- a) Hojii fi hojjetaa walitti fiduuf jecha kuufamni barsiisaa ni jira taanaan sadarkaa barnootaafi gosa barnootaa walfakkaatu irratti hundaa'uun, barsiisonni tajaajila xiqqaa qabaachuun isaanii erga koree jijjiirraafi ramaddiitiin mirkanaa'ee booda humna guutuun hojii ga'umsa qabu akka raawwatan gochuuf ramaddiin isaanii irra deebi'amee ilaalamuu nidanda'a.
- b) Kuufamani barsiistotaa kan ilaalamu akkaataa istaandaardii taa'een hira daree barataa, baay'ina wayittii barnootaafi baay'ina barsiistota gosa barnootaa tokko irratti ramadamanii barsiisaa jiran bu'uura godhachuun kan hojjatamu ta'a.
- c) Kuufama barsiistotaa sirreessuuf jijjiirraa raawwatamu keessatti barsiistota tajajilliifi gosa barnootaan tokko ta'anii qabxii walqixa yoo qabaatan carraadhaan kan adda ba'an ta'a.
- d) Haata'u malee, barsiisotni koornayaa garagara ta'anii dorgommiif dhihaatan keessatti qabxiin waliigalaa yoo wal-qixa ta'e barsiistuu dubaraa mana barumsaa kuufamni jirutti akka haftu carraan kan kennamuuf ta'a.
- e) Dabalataanis, barsiistota hir'ina qaamaa qaban, dhibee qabaniifi gaa'ila qabaatanii iddoo tokko jiran jijjiirraa kuufamaan raawwatamu isaan hin ilaalattu. Haata'u malee, jijjiirraa kuufamaan raawwatamu keessaatti kanneen gaa'ila qaban ragaan fuudhaafi heerummaa isaanii kan fudhatamu qabu waggaa tokkoofi isaa ol yoo ta'e qofaa ta'a.
- f) Jijjiirraan barsiistotaa sababa kuufamaan raawwatamu akkaataa tajaajila isaaniin bakka manneen barnootaa hanqina qabanitti ramaddiin isaanii irra deebii'amee kan kennamuuf ta'a.

13.8 Jijjiirraa Manneen Barnootaa Moodeelaafi Mana Barumsa A/Oromoo Magaalaa Finfinnee irratti Taasiifamu

Manneen barnootaa moodeela ta'anii naannoo keenya keessatti filataman irratti hojii baruufi barsiisuu bu'a qabeessa taasiisuuf barsiistotni dandeettifi ga'umsa qaban jijjiirraan filatamanii galuu qabu. Haaluma kanaan barsiistotni hojii isaaniitiin fakkeenyummaa gaarii qabaniifi madaallii raawwii hojii isaaniitiin sadarkaa olaanaa irra jiraatanii Manneen Barnootaa, Godinaaleefi Bulchiinsa Magaalaa isaaniitiin beekkamtii qaban bakka hojii duwwaa irratti hundaa'uun dorgommanii kallattummaan jijjiirraan akka fudhataman nitaasifama.

Dabalatanis, Manneen Barnootaa **Afaan Oromoo Magaalaa Finfinnee** keessatti hundeeffaman irratti barsiistotni buleeyyiin jijjiirraan kan dhufan yoo ta'u, isaanis barsiistota hojii isaaniitiin fakkeenyummaa gaarii qabaniifi raawwii hojii olaanaa qaban yoo ta'uu, kunis manneen barnootaafi aanaalee/Bulchiinsa magaalaa isaaniitiin kan mirkanaa'eef ta'uu raga dhiyeeffachuu qabu.

Haata'u malee hoggantoonniifi barsiistonni manneen barnootaa kanneen irratti adeemsa hojii baruufi barsiisuu irratti ga'umsa hinqabneefi hanqinaa hojii isaan irratti agrsiisanii mana barumsaafi qaama

dhiyeenyan manneen barnoota kana hordofuun kan mirkanaa'u yoo ta'e hojii isaanii irraa akka gaggeeffaman taasiifaman ramaddiin isaanii irra deebi'amee Magaalaa Finfinneen alatti bakka tajaajillifi sadarkaan barumsaa isaanii walgituutti iddoon hojii duwwaan barbaadamee ramaddiin isaanii kan kennamuuf ta'a.

Barsiistota manneen barnootaa kana irratti jijjiirraan dhufan ilaalchisee jijjiirraan isaanii ulaalagaalee qajeelfama jijjiirraa barsiistotaa kana keessatti tuqameen bakka hojii duwwaan ilaalamee dorgommiin kan dhufan ta'a.

KUTAA Afur

14. Adeemsa Raawwii Jijjiirraan Barsiistotaa Itti Hojjatamuu Qabuufi Gosa Jijjiirraa

barsiistotaa

Bakka baajanni jirutti gaaffiin jijjiirraa barsiistota yemmuu dhiyaatu sababa armaan gadii jiddugaleessa godhachuun jijjiirraan kan raawwatamu yemmuu ta'u, isaanis:

14.1. Fuudhaafi	heeruma	(gaa'ila)f	gahoon
Kennamu.....		50%	
14.2. Fuudhaafi	heerumaa(gaa'iila)	Barsiistota	Mana Barnoota Idileen Duraa Irraa Hanga Qophaa'inaaf.....46%
14.3.	Barsiistotaa Kolleejjii	Barnootaa Barsiistotaaf.....	3%
14.4.	Barsiistotaa Yunivarsiitiiwwan Naannoo Oromiyaa	Jiraniif.....	1%
14.5.	Dhibee, rakkoo addaafi miidhama qaamaaf	gahoon kennamu.....	10%
14.6.	Tajaajilaaf	gahoon kennamu.....	40%
14.7.	Kuufama sirreessuuf jijjiirraa barsiistotaa raawwatamu.		
14.8.	Jijjiirraa Barsiistotaa Manneen barnoota Moodelaafi Manneen Barnoota Afaan Oromoo Magaalaa Finfinneef raawwatamuu		
14.9.	Jijjiirraan waliin waliinii gosa jijjiirraa barsiistotaa yemmuu ta'u sadarkaa barumsaa, mindaafi gosa barumsaa walfakkaatuu jidduutti fedhii barsiistota lamaanii bu'ureeffachuun haalduree tokko malee jijjiirraa raawwachuun nidanda'ama.		

15. Jijjiirraa Fuudhaafi Heerumaan (Gaa'ila) Raawwaatamu

15.1. Abbaa Manaafi Haadha Mana Lamaan Isaanii Barsiisaa Ta'aniif Jijjiirraa Raawwatamu

a) Barsiisaan Bulchiinsa Magaalaa yookana aanaa tokko keessatti manneen Barnoota Idileen duraa irraa hanga Qophaa'inaatti gargar bahanii 5KM oli addaan jiraatan jijjiirraa yoo gaafatan ragaa gaa'eelaa seera qabeessa ta'ee kan waggaa tokkoofi oli qabaatee unka jijjiirraa guutuun isaa yoo mirkana'e barsiistota gaaffii wal-fakkaatu qaban wajjin dorgomuudhaan bakka duwwaa jirurratti jijjiirraan niraawwatamaaf.

b) Abbaa manaa yookaan haati warraa Godinaaleefi Bulchiinsa Magaalotaa gargaraa keessa addaan bahanii jiraatan ragaa gaa'eelaa seera qabeessa ta'ee waggaa 2(lama) guuteefi haala qajeelfama kanaatiin jijjiiraa yoo guute barsiistota gaaffii walfakkaatu qaban wajjin dorgomuudhaan jijjiirraan niraawwatamaaf.

c) Barsiisaan Naannoo Oromiyaa keessatti hojjataa jiru tokko barsiisaa naannoo biraa keessa jiru wajjin gaa'eela qabaatee Naannoo Oromiyaa irraa gara naannoo biraatti jijjiiraa yoo gaafate yookan naannoo biraa irraa gara naannoo Oromiyaatti jijjiiraa kan gaafate yoo ta'ee, haala qajeelfama kanaatiin unka kan guute ta'uun yoo mirkana'e barsiistota gaaffii wal-fakkaatu qaban wajjin dorgomuudhaan jijjiirraan niraawwatamaaf.

d) Qaxarii haaraa barsiistotaa Kolleejjii Barnoota Barsiistotaaf taasiifamu irratti barsiisaan ragaa gaa'ila waggaa tokkoo oli yoo dhiyeeffate maatii walitti fiduun hojiif haala mijeessuuf jecha godina Kolleejjiin Barnootaa barsiistotaa inni itti ramadamee keessa jirutti baajatni jiraachuun isaa mirkanaa'e jijjiirraan maatii niraawwataaf. Haata'u malee yeroo gaafatame sanatti hanqinni baajataa yoo muudate bara baajata ittaanuutti iddoon qabameefi dorgommii tokko malee jijjiiraa hojjatamu irratti dursi nikennamaaf.

15.2. Abbaa Manaa Yookan Haadha Manaa Keessaa Tokkoon Isaa Barsiisaa, Kan Hafe Immoo Hojjetaa Caasaa Barnootaa Yoo Ta'e

a) Abbaan manaa yookaan haati warraa caasaa barnootaa keessa ta'uun naannoo garagaraa keessa hojjachaa kan jiran ta'ee, jijjiiraa yoo gaafatee ragaa gaa'eelaa seera qabeessa kan waggaa 2(lama) ture waliin qabaachuun isaa erga mirkanaa'e booda, barsiisaan Naannoo Oromiyaa keessa jiru akkaataa qajeelfamaatiin unka jijjiiraa yoo guute barsiistota jijjiiraa fuudhaafi heerumaan gaafatan waliin dorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a.

b) Abbaan manaa yookiin haati warraa caasaa barnootaa keessa ta'anii Naannoo Oromiyaa keessa hojjechaa yoo jiraataniifi abbaan manaa yookaan haatii warraa barsiisaa Naannoo Oromiyaa yoo ta'e gara bakka abbaan manaa yookiin haatii warraa jirutti jijjiramuuf yoo gaafate ragaa gaa'eelaa seera qabeessaafi kan waggaa lama ture waliin qabaachuun isaa yoo mirkanaa'e barsiisaa jijjiiraa fuudhaafi heerumaa gaafatan waliin dorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a.

15.3. Abbaa Manaa Yookiin Haadha Mana Keessaa Tokkoon Isaa Barsiisaa, Kan Hafe Hojjetaa Caasaa Barnootaan Ala Yoo Ta'e.

a/ Abbaan manaa yookiin haati manaa Naannoo Oromiyaa keessatti barsiisaa ta'uun isaan keessa tokko naannoo biraatti hojjetaa caasaa barnootaan ala yoo ta'ee naannoo biraatti jijjiiraa yoo gaafate ragaa fuudhaafi heerumaa akkaataa qajeelfamaa kanaatiin unkaa guutuun yoo mirkana'ee barsiisaa jijjiiraa fuudhaafi heerumaa walfakkatuun gaafate waliin dorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a.

b/ Abbaan manaa yookiin haati manaa barsiisaa Naannoo Oromiyaa ta'ee isaan keessaa tokko Naannoo Oromiyaa keessatti hojjetaa caasaa barnootaan ala yoo ta'ee, ragaa fuudhaafi heerumaa akkaataa qajeelfamaa

kanaatiin unka guutuun yoo mirkana'ee barsiisaa jijjiirraa fuudhaafi heerumaa walfakkatuun gaafate waliin dorgomuun jijjiirraan raawwatamuufii nidanda'a

c/ Qabxiin jijjiirraa sababa gaa'eelaa kan hojjetaa caasaa barnootaan alaafi kan hojjetaa caasaa barnootaa yoo walqixa ta'e, dursi kan caasaa barnootaa keessa hojjetuuf kennama.

15.4. Abbaa Manaa Yookan Haadha Manaa Keessaa Tokkoon Isaa Waldaa Barsiisaa, Kan Hafe Immoo Barsiisaa yookan Hojjetaa Caasaa Barnootaa Yoo Ta'e

- a) Jijjiirraan filatamtoota Waldaa Barsiistotaa haala waliigaltee Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Waldaa Barsiistota Naannoo Oromiyaatiin niraawwatama.
- b) Filatamaa Waldaa Barsiistotaa ta'ee abbaan manaa yookiin haati warraa isa barsiisaa yookaan hojjataa seektara barnootaa ta'anii ragaa fuudhaafi heerumaa qabaatan akkaataa qajeelfama kanaatiin yoo unka guutan bakka hojii filatametti jijjiirraan niraawwatamaf.

Hubachiisa

- a) Ragaan fuudhafi heerumaa kan aadaa, amantiifi kan mana qopheessaa ta'uun isaa ni beekama. Haata'u malee, hojii jijjiirraaf akka mijaa'u ragaa aadaa osoo guyyaan isaa hin jijjiiramin ragaa mana qopheessaa ykn dhaabbata amantiitiin mirkanaa'e waliin koree jijjiirraa sadarkaan jiruuf dhiyaachuu qaba.
- b) Jijjiirraan sababa fuudhaafi heerumaan raawwatamu tokko haadha warraa tokko qofa wajjin ta'a.
- c) Ragaan gaa'ilaa yeroo dhiyaatu xalayaan mana hojii isaa/ishee bara sanaa ibsu keessatti hojjetaa mootummaa dhaabbataafi bakka hojjetaan ibsu walqabatee dhiyaachuu qaba.

16. Jijjiirraa Sababbii Dhibeetiin Raawwatamu

- a) Sababbii dhibeetiin jijjiirraa raawwatamu tokko irratti barsiisaan jijjiirraa gaafate ragaa doktoroota fayyaa sadiifi doktora meedikaalaan kan mallattaa'eefi yoo xiqqaate **Tiitarii Maqaa Meedikaal Daarikteraa** kan qabu ta'ee; hospitaala rifeeraalaa mootummaa irraa argataniin bakka jijjiirraa itti gafatameen alatti yaalamuu kan hin dandeenyee ta'uun isaa yoo mirkanaa'e godina yookan Bulchiinsa magaalaa biraatti jijjiiraan kan raawwatamuuf ta'a.
- a) **Hospitaalli yaaliin itti kennamu Rifaraala** yoo ta'uu baate godina yookan bulchiinsa magaalaa yookaan aanaa barsiisaan itti hojjataa jiru keessatti furmaata argachuu nidanda'a.
- d) Dhibee sammuutiin walqabatee barsiisaan jijjiirraa yoo gaafate ragaa **Doktaroota Fayyaa Sadiifi Doktora Meedikaalaan kan mallattaa'eefi Tiitarii Maqaa Meedikaal Daarikteraa** kan qabu hospitaala mootummaa irraa yoo dhiheeffate baajanni jiraachuu isaa mirkanaa'ee niraawwatamaaf;
- e) Barsiisaan sababii dhibeetiin iddoo yaalamuu danda'utti waggaa tokkoof jijjiirraa argatee waggaa itti aanutii yoo fayyuu baate ogeessa faayyaan mirkanaa'ee unka jijjiirraa guutuuf dursi kennameefii jijjiirraan niraawwatamaaf.

- f) Raga hospitalaala irraa dhihaatu irratti shakkiin yoo jiraate koreen jijjiirraa barsiistotaa sadarkaa sadarkaan jiru raga dhihaate qulqulleeffachuun erga mirkkanneefatee booda haqu nidanda'a.
- g) Ragaan boordii doktoroota fayyaa irraa dhiyaatu waggaa tokko qofaaf kan tajaajilu ta'a.
- h) Rakkoo dhibee Boordii Doktoroota sadii hospitalaa Riifaraalaa Dhaabata Fayyaa Mootummaatiin mirkana'een iddoo itti jijjiirraan gaaffatametti baajatni kan hinjirre yoo ta'eefi ragaan dhibee kanaa dirqama naannoo hospitaalli kun jirutti yookaan iddoo maatiin jirutti siqanii deeggarsa argachuu qabu yoo jedhame furmata argachuu qaba. Kunis bakka maatiin jiru irraa xalayaa deeggarsaa qaama bulchiinsa mootummaa dhimmi ilaallatuun erga mirkanaa'ee booda hanga waggaa itti aanuutti ergisaan kan jijjiiramuufi mindaa aanaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa duraan keessa hojjachaa ture irraa argachaa bakka itti jijjiirametti kan yaalamuu ta'a. Waggaa tokko booda fayyuu akka hindandeenye raga mana yaalaatiin yoo mirkanaa'e haala armaan olitti lakk. 13.2.(e). tiin kan raawwatamu ta'a.
- i) Barsiisaan maatiin isaa keessaa kan namni jalaa dhukkubsate yoo ta'eefi Meedikaa Boordii Hoospitaala Mootummaa Riifaraalaa Doktoroota sadiin mirkanaa'ee iddoo itti yaalamuu qabutti fudhatanii deemanii akka yaalamu akkaataa Keeyyata 13.2(e fi h) kan deeggaramu ta'a.

17. Jijjiirraa Tajaajilaan Raawwatamu.

17.1. Jijjiirraa Barsiistota Tajaajilaan Raawwatamuu Qabu;

Barsiisotni gaa'ila hinqabne bakka tokkotti jijjiiramuuf tajaajilaan jijjiirraa yoo gaafatan ulaagaalee jijjiirraaf taa'een wal-dorgomsiiisuun kanneen qabxii caalmaa qabaniif jijjiirraan kan kennamuuf ta'a.

18. Jijjiirraa Walii Waliinii

- a) Jijjiirraan walii waliinii kan raawwatamuu danda'u, barsiisotni wal jijjiirran lamaan, sadarkaan barumsaafi gosti barumsaa ittiin eebiffamanii kan walfakkaatuu ta'ee, dhuma samisteeeraafi dhuma waggaa barnootaa irratti raawwatamuufii nidanda'a.
 - b) Jijjiirraa waliin waliin godina yookaan bulchiinsa magaalaa tokko irraa gara isa biraatti akka raawwatamuuf barsiisotni fedhii qabaachuu isaanii iyyata godinaalee yookaan Bulchiinsa Magaalotaa isaaniitti dhiyeffachuun jijjiirraa gaafachuu qabu.
 - c) Jijjiirraan godina tokko keessatti aanaalee lamaan gidduutti raawwatu ilaalchisee iyyata barsiistota lamaanii bu'uureffachuun Waajjirri Barnoota Godinaa kan raawwatu ta'a.
- c) Barsiisotni lamaan wal jijjiirraa raawwatan mana barnootaa keessa turan akka wal jijjiiranitti fudhatamee iddoo gadidhiisan irratti bakka bu'anii ramadamuun akka hojjetan nitaasiifama.

19. Jijjiirraa Rakkoo Addaan Raawwatamu

- a) Barsiisaan tokko bakka itti hojjetu keessatti rakkoo humnaa ol ta'eefi lubbuu isaafi maatii isaaf sodaachisaa ta'ee yoo argame, koree jijjiirraafi ramaddii sadarkaa sadarkaan jiruun kan mirkanaa'e yoo ta'e, xalayaan

deeggarsaa barreeffameefii tajaajillii isaa yoo guutuu baatees jijjiirraan godina yookan bulchiinsa magaalaa yookan aanaa walfakkaatutti nihojjatamaaf.

c) Jijjiirraan rakkoo addaatiin raawwatamu aanaa barsiisichi keessa jiru keessatti furmaanni kan hin arganne yoo ta'e, sadarkaa godinatti furmaanni kennamuuf qaba. Aanaalee godina sana keessatti furmaanni yoo dhabame godina yookaan bulchiinsa magaalaa biraatti furmaanni akka kennamuuf nitaasifama. Kunis koree jijjiirraafi ramaddii sadarkaa aanaafi godinaa irra jiraniin ta'a. Barsiisaa sababa rakkoo addaatiin jijjiirraan akka hojjetamuuf ta'e baajatni bakka jijjiirametti kan hinjirre yoo ta'e, hanga bara baajataa itti aanuutti bakka duraan hojjetaa ture irraa mindaa argachaa, bakka itti jijjiirametti hojjechuun bara baajata haaraarratti baajanni qabameefii jijjiirraan niraawwatamaaf.

Hub. Barsiisaan sababa rakkoo addaatiin jijjiiraan raawwatameef tokko jijjiiraan yeroof kan hojjetameefii ta'uun hubatamee barumma sanatti mirgi unka jijjiiraa guutuu nikennamaaf. Fakkeenyaaf Sababa rakkoo addaan jijjiiraa mana barumsaa gara mana barumsaa kan argate yoo ta'e mirga unka jijjiiraa sadarkaa Naannoo, Godinaa yookaan Bulchiinsa Magaalaafi Aanaa guutuu ni qabaata.

19.1. Barsisotaa Rakkoo Miidhama Qaamaa Qabaniif Haala Jijjiirraan Itti Raawwatamuu Qabu;

Barsiisaan tokko sababa qaro-dhabeeyyi ta'eef yookaan sababa miidhama qaamaa qabuun karaa deemuu hin dandeenyee, deeggarsa maatii, mana yaalaafi iddoo haalli mijataa ta'e gaafatu, ogeessa fayyaatiin hoospitala mootumaa kamirraayyuu yoo mirkanaa'e, baajatni jiraachuun mirkanaa'ee gara maatiitti, mana yaalaafi iddoo haalli mijataa ta'etti jijjiirraan niraawwatamaaf.

19.2. Jijjiirraa Kuufamaa Barsiistotaa Sirreessuuf Raawwatamu.

Bakka kuufamni barsiistotaa jirutti fedhii jijjiirraa barsiistotaa osoo giddugaleessa hingodhatin hojjiifi hojjetaa walitti fiduuf jecha sadarkaa barnootaafi gosa barnootaa walfakkaatu irratti hundaa'uun, barsiisonni tajaajila xiqqaa qabaachuun isaanii erga koree jijjiirraafi ramaddiitiin mirkanaa'ee booda humna guutuun hojii ga'umsa qabu akka raawwatan gochuuf ramaddiin isaanii irra deebi'amee ilaalamuu nidanda'a. Kuufamani barsiistotaa kan raawwatu akkaataa istaandaardii taa'een hira daree barataa, baay'ina wayittii barnootaafi baay'ina barsiistota gosa barnootaa bu'uura godhachuun kan hojjatamu ta'a. Kuufama barsiistotaa sirreessuuf jijjiirraa raawwatamu keessatti barsiistota tajajilliifi gosa barnootaan tokko ta'anii qabxii walqixa qaban carraadhaan kan adda ba'an ta'a. Haata'u malee, barsiisotni koornayaa garagaraa ta'anii dorgommiif dhihaatan keessatti qabxiin waliigalaa yoo wal-qixa ta'e barsiistuu dubaraa mana barumsaa kuufamni jirutti akka haftu carraan kan kennamuuf ta'a. Dabalataanis, barsiistota gaa'ila waggaa lama oli qaban, hir'ina qaamaa qabaniif ragaa dhibee meedikaali boordii qaban jijjiiraan kuufamaan raawwatamu isaan hin ilaalattu.

Kutaa Shan

20. Sirna Ragaan Itti Qindaa'uufi Itti Darbuu Qabu

20.1. Sirna Ragaan Itti Qindaa'uufi Itti Darbuu Qabu

20.1.1. Sadarkaa Mana Barumsaatti

- a) Sadarkaa mana barumsaatti jijjiirraan mana barumsaa gara mana barumsaa, aanaa gara aanaa, godinaa gara godinaa fi naannoo gara naannoo adda baasuun bara qaxarii yookan tajaajilaan, gosa barumsaan, sadarkaa barumsaafi gosa jijjiirraa itti gaafatame unka jijjiirraa irratti barsiistota guuchisuun mirkaneessiisuun barbbachisaadha. Kunis barsiisaan sababa jijjiirraa itti gaafate adda baasuun guutuun mallatteessuun mana barumsaa wajjin walharkaa fuudhinsa taasiisuu qaba. Unka guutame kana mana barumsichaa chaappaa mana barumsaatiin mirkaneessuun yeroo kaa'ame keessatti waajjira barnootaa aanaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa wajjin walharkaa fuudhinsi taasiisuu qaba.

20.1.2. Sadarkaa Aanaatti

- a) Jijjiirraan mana barumsaa gara mana barumsaa, aanaa gara aanaa, godinaa gara godinaafi naannoo gara naannoo adda baasuun bara qaxarii yookan tajaajilaan, gosa barumsaan, sadarkaa barumsaafi gosa jijjiirraa itti gaafateen 'excel' irratti qopheessuun, ragaa qindaa'e keessaa kan mana barumsaa gara mana barumsaa guuttame aanaa irratti hambisuun kanneen hafan immoo yeroo qajeelfamaan taa'e keessatti 'soft copy' fi 'hard copy'n qophaa'ee 'hard copy'n isaa irraatti chaaphaa mana hojii irratti dha'uun xalayaa gaggeessituu wajjin walqabsiisuun godina isaaf erguu qaba.
- b) Jijjiirraan naannoo gara naannoo Afaan Amaaraan "power Geez Unicode 1 font size 12" barreeffamee dhiyaachuu qaba.

20.1.3. Sadarkaa Godinaa yookaan Bulchiinsa Magaalaatti

- a) Jijjiirraan aanaa gara aanaa, godinaa gara godinaa fi naannoo gara naannoo bara qaxarii yookaan tajaajilaa, gosa barumsaa, sadarkaa barumsaaniifi gosa jijjiirraatiin adda bahee'e 'excel' irratti qopheessuun barbaachisaa ta'a. Ragaa qindaa'e keessaa kan godinaa yookaan bulchiinsa magaalaa gara godinaa yookaan bulchiinsa magaalaafi aanaa gara aanaa hambifachuun kan naannoo gara naannoo Afaan Amaaraan "Power Geez Unicode font size 12n" barreeffamee yeroo qajeelfamaan taa'e keessatti 'soft copy' fi 'hard copy'n qophaa'ee xalayaa gaggeesituun Biiroo Barnoota Oromiyaaf ergamuu qaba.
- b) Ragaa 'excel'n qophaa'e keessaa kan tokkoon tokkoon godinaaleefi bulchiinsa magaalotaa calaluun kophaa kophaatti 'copy paste' gochuun yeroo qajeelfamaan taa'e keessatti 'hard copy' xalayaa gaggeessituufi 'soft copy' 'excel'n godinaaleefi bulchiinsa magaalotaa barsiisonni fedhii jijjiirraa filannoo Iffaa hanga 3ffaa itti gaafatanitti qindeessuun Biiroo Barnoota Oromiyaatti argamuun qaama dhimmi ilaalu wajjin waliif dabarsuu qabu. Haata'u malee sababa humnaa oli ta'een ragaa fedhii jijjiirraa

barsiistota haala barbaadameen guutuun gara godina yookan bulchiinsa magaalaa barsiisaan jijjiirraa itti gaafateetti yeroo qajeelfamaan taa'e keessatti qaamni erguu hindandeenye yeroon Biiroo Barnootaa Oromiyaa beeksisuun akka falli barbaadamu taassisuu qaba.

- c) Ragaalee godinaalee yookaan bulchiinsa magaalotaa irraa qindaa'ee ergameef iddoo tokkotti qindeessuun haala qajeelfamaan jijjiirraa raawwachuun, barsiistota jijjiirraa argatan hanga Waxabajjii 30tti iddoo itti jijjiiramanitti xalayaa qunnamsiiftuun erguufi ragaa barsiistota jijjiiramanii gosa jijjiirraafi sadarkaa jijjiirraa korniyaaniifi sadarkaa barumsaatiin adda bahee hanga Adooleessa 20tti Biiroo Barnootaa Oromiyaa beeksisuu qabu. Yeroo jijjiirraa taa'een alatti unki jijjiirraan guutamu sababa humnaa oli ta'een alatti fudhatama hin qabu. Qaamni raawwates seera mana hojiin nigaafatama.

20.1.4. Sadarkaa Biiroo Barnoota Oromiyaatti

- a) Ragaan qindaa'ee godinaalee yookan bulchinsa magaalotaa irraa gara BBOtti ergame naannoolee barsiisonni jijjiirraa itti gaafatanitti hanga Bitootessa 30tti karaa e-mailfi Poostaatiin ergamuu qaba.
- b) Raga fedhii jijjiirraa naannoolee irraa gara naannoo Oromiyaatti dhufu qindeessuun jijjiirraa naannoo gara naannoo hanga Caamsaa 30tti kan raawwatamuu ta'a.
- c) Raga fedhii jijjiirraa Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa gara Kolleejjii barnootaa barsiistotaa qindeessuun hanga Caamisaa 30tti jijjiirraa raawwachuun Kolleejjii Barnoota Barsiistotaatti isaanii ittijijjiiraman beeksisuu.

21. Sirna Ragaan Itti Hordofamuufi Too'atamu

21.1. Sadarkaa Aanaatti

21.1.1. Hoggantoota manneen barnootaafi supparvaayizara CRCtiif akkaataa fedhiin jijjiirraa barsiistotaa itti guuttamu irratti leenjii kennuun ragaan barsiisaa akka hinharcaanee nitaasiisa.

21.1.2. Ragaan fedhii jijjiirraa barsiistotaa haala qajeelfamaan guutamuu isaafi yeroo kaawwame keessatti ergamuu isaa nihordofa.

21.1.3. Iddoo dogoggorri mul'atetti hordofuun yeroon sirreeffama itti kennaa deema.

21.1.4. Ragaan jijjiirraa barsiistotaa manneen barnootaa irraa guutamanii dhufan kamiyyuu qaamolee sadarkaan jiraniin unka ittiin walharkaa fuudhan guutun waliif mallatteessuun walirraa fuudhu qaba.

21.2. Sadarkaa Godinaa/Bulchiinsa Magaalaatti

21.2.1. Ogeeyyii Adeemsa Hojii Misooma Barsiistotaa aanaaleef haala fedhiin jijjiirraa barsiistotaa itti guutamu irratti leenjii hubannoo uumuu nikenna.

21.2.2. Ragaan fedhii jijjiirraa barsiistotaa haala qajeelfamaan guutamuu isaafi yeroo kaawwame keessatti ergamuu isaa nihordofa.

21.2.3. Iddoo dogoggorri mul'atee adda baasuun yeroon sirreeffamni akka itti kennamu nitaasisa,

21.3. Sadarkaa Biiroo Barnoota Oromiyaatti

21.3.1. Ogeeyyii Adeemsa Hojii Misooma Barsiistota godinaalee/ bulchinsa magaalootaa, Kolleejjii Barnoota BarsiistotaafiWaldaa Barsiistota Naannoo Oromiyaa fi waldaa barsiistota godina/ bulchiinsa magaalaa keessaa qaama dhimmi ilaaluuf haala fedhiin jijjiirraa barsiistotaa itti guuttamu irratti, itti fayyadama kompitaara (excle) fi raawwii qajeelfamichaa irraatti leenjii kennuu.

21.3.2. Ragaan fedhii jijjiirraa barsiistotaa sadarkaa godinaa/ bulchiinsa magaalaa fi KBB irratti haala qajeelfamaan guuttamuu isaa hordofuu.

21.3.3. Ragaan fedhiin jijjiraa barsiistotaa godinaa/bulchinsa magaalaa gara godinaa/bulchinsa magaalaa fi KBB gara KBB qindaa'ee yeroo kaawwame keessatti iddoo barsiisonni itti gaafatanitti ergamuu isaa hordofuu, deggaruufi rakkowwan yoo muudatan sirressa deemuu.

21.3.4. Raawwii jijjirra barsiistotaa godinaa/bulchinsa magaalaa gara godinaa/bulchinsa magaalaa fi KBB gara KBB raawwatamu hordofuu, hanqinaaleefi muuxannoowwan argaman adda baasuun deeggaruufi sirressaa deemuu.

21.3.5. Raawwii jijjirraan walqabatee rakkowwan naannummaa, gosummaafi kiraa sasaabdummaan raawwatamuu isaa ragaa qindeessuun qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun sirreessaa deemuu.

22. Yeroo Unki Jijjiirraa Barsiistotaa Itti Guutamuu Qabu

22.1.'Barsiisonni sadarkaa mana barnootaatti ykn KBBtti guca jijjiirraa kan guutan Amajjii 1 hanga 15tti ta'a.

22.2.'Waajjirri Barnoota Aanaalee jijjiirraa isaan ilaallatu guca jijjiirraa mana barumsaa gara mana barumsaa qofa hambifachuun kan hafe hunda **Amajjii,16 hanga Gurraandhala 15tti** godina isaaniitiif dabarsuu qabu.

22.3.Kolleejjiin Barnoota barsiistotaa gaaffii fedhii jijjiirraa barsiistotaa Guraandhala 1 hanga15tti kan guuchisu ta'a

23.4.Kolleejjiin gaaffii fedhii jijjiirraa barsiisotaa guutuun **Bitootessa 25-30tti** BBOOf erguu qabu.

23.5.Ragaan gaaffii jijjiirraa guyyaa eerameen alatti dhiyaatu kamiyyuu hin keessumeeffamu ykn fudhatama hin qabaatu. Qaamni ragaa jijjiirraa barsiisotaa qulqullinaan guutee ragaa barbaachisaa hunda walqabsiisee yeroo kaawwametti dhiheessuu dhabes seeraan kan itti gaafatamu ta'a.

23.6.Waajjirri Barnoota Godinaa gaaffii jijjiirraa isaan ilaallatu, kan aanaa gara Aanaafi Godina gara Godinaa hambifachuun jijjiirraa Naanno gara Naanno qindeessuun hanga Bitootessa 30tti BBO

qaqqabsiisuu qabu. Akkasumas fedhii jijjiirraa barsiisotaa godinaa gara godinaa/bulchiinsa magaalaa qindeessuun godinaaleef/ bulchiinsa magaalaa Bitootessa 30tti BBOtti qaamaan argamuun waliif kennuu qaqbu.

23. Yeroo Unki Jijjiirraa Barsiistotaa Walharkaa Fuudhinsa Itti Taasiifamu

- 23.1. Unka mana barumsatti guutame tokkoo manni barumsaa waajjira barnootaa aanaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa qaamaan geessuun Gurraandhala 16_25tti walharkaa fuudhinsa taasiisuu qaba.
- 23.2. Waajjirri Barnoota Aanaalee unka jijjiirraa mana barumsaa gara mana barumsaa qofa hambifachuun kan hafe hunda Bitootessa 11_15tti godina isaaniitiif dabarsuu qabu.
- 23.3. Waajjirri barnootaa Godinaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa fedhii jijjiirraa barsiistotaa godinaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa tokko irraa kan biraarratti gaaffii dhiyaate qindeessuun Ebila 1-20tti Biiroo Barnootaa Oromiyaatti dhiyaachuun bakka walharkaa fuudhinsa taasiisuu qabu. Gaafti Ebla, 20 guyyaa ayyaanaa ykn boqonnaa irra yoo oole guyya hojii itti aanu ganama sa'aatii 2:30tti Biiroo Barnootaa Oromiyaatti yookaan iddoo Biiroon mijjeessutti argamuun waliif dabarsuu qabu..
- 23.4. Kolleejjii Barnoota barsiistotaa gaaffii fedhii jijjiirraa barsiistotaa guutanii hanga Bitootessa 30tti Biiroo Barnoota Oromiyaaf dhiyeessuu qabu.
- 23.5. Waajjirri Barnoota Godinaa yookan bulchiinsi magaalaa gaaffii jijjiirraa Naanno gara Naanno qindeessuun Bitootessa 28 hanga 30tti Biiroo Barnoota Oromiyaatti qaamaan argamuun kennu qabu.

24. Yeroo Jijjiirraan barsiistotaa Itti Raawwatamuu Qabu

- 24.1. Jijjiirraan idilee naannoo gara naannoo Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin Caamsaa 20 hanga 30tti kan raawwatamuufi
- 24.2. Jijjiirraan barsiistota Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa Waxabajjii 10 hanga 20tti kan raawwatamu ta'a.
- 24.3. Jijjiirraa barsisaa Godina yookaan bulchiinsa magaalaa tokkoo irraa gara godina yookaan bulchiinsa magaalaa biratti taasiifamu Waxabajjii 1 hanga 10 kan raawwatamu ta'a.
- 24.4. Jijjiirraan barsiistota Aanaa gara Aanaa kan raawwatamu Waxabajjii 11 hanga 20 ta'uu qaba.
- 24.5. Jijjiirraa Aanaa tokko keessatti mana barumsa tokko irraa gara mana barumsaa biraatti raawwatamu jijjiirraan sadarkaa godinaa erga raawwatee booda barsiisota jijjiirraan ergamaniif tajaajila isaaniirratti hundaahuun jijjiirraa keessoon walsimsisee Waxabajjii 20 hanga 30 raawaatama.
- 24.6. Godinaalee yookan bulchiinsi magaalotaa barsiisaa jijjiirraa argate tokko dursanii ifa baasuu hinqaban. Haata'u malee, barsiistotaa waliin dorgoman qabxii isaan argataniin sadarkeessuun Waxabajjii 11 hanga 15tti maxxansuu qabu. Waxabajjii 16 hanga 20tti immoo barsiisonni firii

jijjiirraa maxxanfamerratti komii yoo qabaatan komii isaanii godina yookaan bulchiinsa magaalaa jijjiirraa raawwateetti dhiheeffachuu qabu. Komiin erga xumuramee booda godinni yookaan bulchiinsi magaalaa ulaagaalee jijjiirraa barsiistotaa bu'ureeffachuun barsiistota haala qajeelfamaa kanaatiin dursuu qaban sadarkeessun Godina yookaan Bulchiinsa Magaalaa barsiisaan keessa hojjechaa jirutti Waxabajjii 21 hanga 25tti dabarsuu qabu. Godinni yookaan Bulchiinsi Magaalaa barsiistota jijjiirraa argatan kanneen gadidhiisuuf murteesse iddoo ifaatti maxxansee hanga Waxabajjii 26tti bakka inni itti jijjiirametti erguun beeksisuu qaba. Dabalataanis barsiisaa jijjiirraa argateef waraqaa qulqulinaafi galmee dhuunfaa isaa saamsee hanga Waxabajjii 30tti kennuufiin gaggeessuu qabu.

25. Jijjiirraa barsiistotaa Dhuma Samisteera Tokkoffaa Irratti Raawwatamu

25. Jijjiirraan barsiistota manneen barnootaa idileen duraa irraa hanga qophaa'inaatti dhuma Seemisteera Tokkoffaa irratti raawwatamuu ni danada'a. Haalli raawwaii isaas barsiistota yeroo jijjiirraa idilee koreen jijjiirraa qabxii isaaniitiin sadarkeesseen tartiiba qabxii eeggattootaa taa'e irratti hundaa'uun hanqina barsiistotaa guuttachuuf waliigaltee qaama barsiisaa gadidhiisuufi fudhatu jidduutti taasiifamuun raawwatamuu nidanda'a.
26. Istaandaardii barataa barsiisaa eegsiisuun hojii baruufi barsiisuu milkeessuuf jecha jijjiirraan kuufama barsiisaa dhuma samisteera tokkoffaa irratti raawwatamuu nidanda'a
27. Jijjiirraa barsiisootaa sababa kuufama sirreessuu, dhibee, rakkoo addaa fi Jijjiirraa waliin waliiniin raawwatamu alatti hundi yeroo qajeelfama idileetiin furmaata kan argatan ta'ee kanaan alatti kan raawwatamu fudhatamama hin qabu.
28. Barsiisonni jijjiirraa guutani bakka guutan hundaatti jijjiirraa argatan, filannoon isaanii inni tokkoffaan eegameefii waajjirri barnootaas filannoo barsiisaa tokkoffaa irratti dafee qaama jijjiirraa hojjeteeff beeksisuu qabu
29. Aanaalee fi Bulchiinsi Magaalootaa ulaagaalee jijjiirraa barsiisootaa bu'ureeffachuun barsiisoota qabxii caalmaa qaban mana baruumsa tokko irraa gara mana baruumsa gaafateetti filachuun Adoolessa 5-15tti xalayaa ramaddii kennuun gara mana baruumsa gaafatanitti erguu qaba.
30. Barsiisaan jijjiirraa sadarkaa adda addaatti argate tokko hojiif haala mijeessuuf jecha guyyaa firiin jijjiirraa barsiistotaa maxxanfame irraa eegalee guyyaa 10 keessatti xalayaan kennameefii bakka itti jijjiirametti gaggeeffamuu qaba.

KUTAA JA'A

26. Gahee Hojii Koree Jijjiirraafi Ramaddii Sadarkaa Adda Addaa

26.1. Aangoofi Gahee Hojii Koree Jijjiirra Barsiistotaa Sadarkaa Biiroo Barnoota Oromiyaa

- a) Qajeelfama jijjiirraa sadarkaa Mootummaa Federaalaatiin bahee irratti hundaa’uun qajeelfama jijjiirraa Barsiistota Naannoo Oromiyaa ni qopheessa, hojiirra oolmaa isaas nihordofa.
- b) Godinaaleefi Bulchiinsi Magaalotaa hunda adeemsa jijjiirraa barsiistotaaf akka mijaa’u gochuuf akkaataa fageenya giddugaleessa naannichaatiin tajaajila bu’uuraa misooma kan akka daandii, bilbila, bishaan qulqulluu, ibsaafi kan kana fakkaatan irratti hundaa’uun sadarkaa kennuudhaan ni ramada.
- c) Barsiistota Naannoo biraa irraa gara Naannoo Oromiyaatti jijjiirraa gaafatan qoratee naannooleef deebii ni kenna, kan Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa gara Kolleejjii Barnoota Barsiistotaas niraawwata. Barsiistota gara naannoolee adda addaatti jijjiirraa argatan waraqaa qulqullinaa Afaan Amaaraan qopheessee kennuun nigaggeessa.
- d) Barsiisoota gara naannoolee adda addaattijijjiirraa argatan waraqaa qulqullinaa Afaan Amaaraatiin qopheessee kennuun ni gaggeessa.
- e) Qajeelfama sadarkaa naannootti qophaa’e kana qoratee murtiif nidhiyeessa.
- f) Qajeelfama jijjiirraa irratti kolleejjotaaf, godinaalee, bulchiinsa magaalotaafi aanaaleef hubannoo ni uuma.
- g) Ragaalee jijjiirraa barsiistotaa raawwii godinaalee irraa qindeessee niqabata, qaama dhimmi ilaaluuf nidabarsa.
- h) Unkaalee jijjiirraa adda addaa qopheesuun godinaalee, Bulchiinsa Magaalaafi Kolleejjotaaf nidabarsa.
- i) Sirna jijjiirraa ammayyessuuf humna raawwachisuu koree jijjiirraa sadarkaa godinaa/bulchiinsa magaalaa fi Kolleejjii Barnootaa Barsiistotaa nicimsa.

26.2. Miseensota Koree Jijjiirraa Barsiistotaa Sadarkaa Biiroo Barnoota Oromiyaa

- a) Qindeessaa Adeemsa Xiqqaa Bulchiinsa Barsiistotaafi Hoggansa Barnootaa---Walitti qabaa.
- b) Adeemsa Xiqqaa bulchiinsa barsiistotaa irraa namni lama dhiira tokkoofi dubartiin tokko kan bakka bu’an ta’ee, tokko barreessaafi kan hafe immoo miseensa ta’a.
- c) Waldaa Barsiistota Naannoo Oromiyaa irraa namoonni lama kan bakka bu’an ta’ee isaanii keessa tokko dubartii ta’uu qabdi.

26.3. Gahee Hojii Koree jijjiirraa Sadarkaa Godinaa Yookaan Bulchiinsa Magaalaa

- a) Koreen jijjiirraa Waajjira Barnoota Godinaafi Bulchiinsa Magaalaa itti waamamni isaanii Biiroo Barnoota Oromiyaaf ta’ee, haala qajeelfama kanaatiin barsiistotaa godinaa yookaan bulchiinsa magaalaa tokkoo irraa gara godina yookaan bulchiinsa magaalaa biraatti akkasumas aanaa tokkoo gara aanaa birratti jijjiirraa kan hojjatu ta’ee aangoofi gaheen hojii isaanii kan armaan gadii ta’a.
- b) Barsiistota godinicha yookaan bulchiinsa magaalaa keessa jiraniif qajeelfama jijjiirraa barsiistotaa irratti yeroo yeroon hubannoon akka uumamu nitaasiisa.

- c) Jijjiirraa barsiistotaa godina yookan bulchiinsa magaalaa irraa haala qajeelfamaan waldorgomsiisuun filachuun godina yookan bulchiinsa magaalaa irraa filate beeksiisuun akka gadidhiifamiif gaaffii nidhiyeessa; yeroo gadidhiisaniifis ofitti fudhachuu ramaddii nikennaaf;
- d) Barsiistota godina yookan bulchiinsa magaalaa biraatti jijjiirraa argataniif akka gadidhiifama murteessuun yeroo qajeelfamaan taa'e keessatti gara godina yookan bulchiinsa magaalaa itti jijjiiramaniitti nigaggeessa;
- e) Barsiistota godina yookan bulchiinsa magaalaa biraa irraa gara godina yookan bulchiinsa magaalaa isaatti dhufan simachuun aanaa hanqina barsiisaa qabanitti ramaduun ni erga.
- f) Ulaagaalee jijjiirraa barsiistotaa aanaaleen godina sana keessa jiran ittiin madaalaman fageenya isaan magaalaa godinaa irraa qaban jiddugaleessa gadhachuun tajaajila bu'uuraa misoomaa kan akka daandii, bilbila, ibsaa, bishaan qulqulluu, tajaajila fayyaafi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun sadarkaa ramaddii iddoo baasuudhaan Biiroo Barnoota Oromiyaafi aanaalee nibeeksiisa.
- g) Unka jijjiirraa barsiistotaan guutamani aanaalee adda addaa irraa qindaa'anii dhiyaatan walitti qindeessuun kan godina isaatti hafuu qabu hambiifachuun kan godina yookaan bulchiinsa magaalaa biraaf darbuu qabu yeroon nidabarsa.
- h) Barsiistota godina yookan bulchiinsa magaalaa isaa irraa jijjiiramani deemaniif waraqaa qulqullinaa kennuun gara godina yookan bulchiinsa magaalaa isaan itti jijjiiramanitti xalayaa aggeessituufi faayila dhuunfaa isaanii kennuun yeroon nigaggeessa.
- i) Barsiistota jijjiirraadhaan, godina yookan bulchiinsa magaalaa biraa irraa dhufan simatee ulaagaaleefi fedhii barsiisaa aanaan qabu bu'ureeffatee aanaaleetti niramada.
- j) Barsiistota mana barumsa Idileen Duraa, Sadarkaa Tokkoffaa, Lammaffaafi Qopha'ina keessatti argaman kornaayaa, sadarkaa barnootaafi gosa barnoota adda baasee galmeessee niqabata. Haaluma wal-fakkaatuun ragaa barsiistota godina irraa sababa adda addaan hojii gadi lakkisan yookiin kan du'an ragaa qindeessuudhaan galmeessanii Daataa Beeziin keessatti niqabata; Hanqina barsiistotaa jiruu Biiroo Barnoota Oromiyaaf yeroo yeroon ni gabaasa,
- k) Ragaalee jijjiirraa barsiistotaaf barbaachisan hunda qindeessuun yeroon qaama dhimmi ilaalu (Godinaalee, Bulchiinsa Magalaatotaafi Biiroo Barnoota Oromiyaa) wajjin walharkaa fuudhinsa taasiisuun jijjiirraa barsiistotaaf haala nimijeessa;
- l) Barsiistota jijjiirraan godina yookaan bulchiinsa magaalaa biraarraa ergamaniif waajjira barnoota aanaaleef haala gaaffii isaanii bu'ureeffachuun ramadee ni ergaaf, ramaddii akka kennaniif nitaasiisa;
- m) Barsiisoota Godinaa yookin Bulchiinsa Magaalaa biraa irraa gara godina yookiin Bulchiinsa Magaalaa Birootti jijjiirraa argatan yeroon akka gadilakkisan hordoffii ni taasisa.

- n) Barsiisaa seeraan ala jijjiirraa argachuuf jecha sababa jijjiirraa kamirrattiyyuu ragaa sobaa dhiheesse irratti shakkii yoo qabaate hordoffii taasisuun qulqulleessee tarkaanfii sirreeffamaa akka fudhatamu ni taasisa.
- o) Hojiin jijjiirraa barsiisootaa erga xumuramee booda barsiisoota sababa adda adaatiin jijjiirraa guutan keessaa karoora fi raawwii gabaasuun Biiroo Barnoota Oromiyaaf ni dhiyeessa.

26.4. Miseensota Koree Jijjiirraa Barsiistotaa Bulchiinsa Magaalaa fi Godinaa

- a) Abbaa adeemsa Hojii Misooma Barsiisotaa---Walitti qabaa.
- b) Adeemsa Hojii Misooma Barsiistotaa irraa nama 2 kan bakka bu'an yoo ta'u, Dhirri tokko barreessaafi dubartiin tokko immoo miseensa ta'uun kan bakka bu'an ta'a. Dubartiin Adeemsa hojii misooma barsiistotaa keessa kan hinjirre yoo ta'e "focal person" koorniyaa idileessuu waajjirichaa irraa bakka buusuun kan hojjatamu ta'a.
- c) Waldaa Barsiistotaa godinaa yookaan bulchiinsa magaalaa irraa namni lama miseensa ta'uun bakka kan bu'an ta'e, e isaan keessaa hirmaattootni dhiira tokkoofi dubartii tokko ta'uu qaba.

26.5. Gahee Hojii Koree Jijjiirraa Barsiistotaa Waajjira Barnoota Aanaa

- a) Barsiistota aanicha keessa jiraniif qajeelfama jijjiirraa barsiistotaa irratti hubannoo ni uuma.
- b) Barsiisonni Aanicha yookaan Bulchiinsa Magaalichaa keessa jiran, gaaffii jijjiirraa yoo qabaatan yeroo eerame keessatti unka barbaachisu mana barumsa isaanitti akka guutuun nideeggara.
- c) Barsiisonni Aanicha yookaan Bulchiinsa Magaalichaa keessa jiran fedhii jijjiirraa isaanii sadarkaa mana barumsatti unka barbaachisu irratti seeran guutamee dhiyaachuu isaa ni mirkaneeffata.
- d) Ragaan barsiisoonni unka jijjiirraa irratti guutan sirrii ta'uu isaa erga mirkaneeffatee booda godinaaf yeroon ni dabarsa.
- e) Barsiisoota aanaa isaanii irraa jijjiiramaniif waraqaa qulqullinaa guutee kuusaa dhunfaa isaanii saamsee kennuun yeroo taa'e keessatti ni gaggeessa.
- f) Barsiisoota jijjiirraadhaan gara aanaa isaanii dhufan simatee tajaajila isaan qaban bu'ureeffachuun jijjiirraa keessaa faana walsimsiisee iddoo banaa qaburratti ni ramada.
- g) Ulaagaa jijjiirraa fi ramaddii barsiisootaaf tajaajilu Manneen Barnoota Aanaa yookaan Bulchiinsa Magaalaa isa keessa jiran fageenya giddugaleessa aanichaa yookaan magaalichaa irraa qaban bu'uraalee misoomaa kan akka daandii, bilbila, ibsaa, bishaan qulqulluu fi tajaajila fayyaa fi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun sadarkaa ramaddii iddoo ni baasa, ni ramada.
- h) Aanaa isaa keessatti barsiistota mana barnoota tokko irraa gara mana barnoota biraatti jijjiirraa gaafataniif fedhii jiru adda bassuun waldorgomsiisee jijjiirraa niraawwata.
- i) Barsiistota mana barumsa Idileen Duraa irraa hanga sadarkaa Lammaffaatti argaman mana barumsaan, koornaayaan, sadarkaa barnootaafi gosa barnootaan addaan baasee galmeessee ni qabata. Haaluma

walfakkaatuun ragaa barsiistotaa sababa adda addaan hojii gadi lakiisaniifi kan du'an qindeessuudhaan daataa beeziin keessatt galmeessee niqabata, qaama olaanaafis nigabaasa.

- j) Jijjiirraa aanaa yookaan bulchiinsa Magaalaa keessatti mana barumsa Barnoota Idileen Duraa hangaa Qophaa'inaa jiran tokkoo irraa gara Mana Barumsa Idileen Duraa irraa Qophaa'ina biraatti taasifamu niraawwata.
- k) Hojiin jijjiirraa erga xumuramee booda hoogganaaf gabaasa nidhiyeessa, Waajjira Barnoota Godinaafis raawwiisaa nidabarsa.
- l) Koreen jijjiirraa sadarkaa kanatti dhaabbate kamiyyuu haala qajeelfama kana keessatti ibsameen ragaalee jijjiirraaf barbaachisan yeroon qaama dhimmi ilaaluuf ni erga.

26.6. Miseensota Koree Jijjiirraa Barsiistotaa sadarkaa Aanaa

- a) Abbaa adeemsa Hojii Misooma BarsisotaaWalitti qabaa.
- b) Adeemsa Hojii Misooma Barsiistotaa irraa namni lama Dhiirri tokko barreessaafi dubartiin tokko miseensa ta'uun kan bakka bu'an ta'u. Dubartiin Adeemsa hojii misooma barsiistotaa keessa kan hinjirre yoo ta'e koorniyaa idileessuu waajjirichaa irraa bakka buusuun kan hojjatamu ta'a.
- c) Waldaa Barsiistotaa godinaa yookaan bulchiinsa magaalaa irraa namni lama miseensa ta'uun bakka kan bu'an ta'e, e isaan keessaa hirmaattootni dhiira tokkoofi dubartii tokko ta'uu qaba.

KUTAA TORBA

27. Yaada Murtee Dhiyeessuu, Sirna Komiin Itti Dhiyaatuu, Qaama Jijjiirraa Mirkaneessu, Qajeelfama Fooyyessuufi Yeroo Hojiirra Oolmaa Qajeelfama Kanaa

27.1. Yaada Murtee Dhiyeessuu

- a) Jijjiirraan barsiisaa kamiyyuu koree jijjiirraa sadarkaa sadarkaan aangoon kennameefiin kan raawwatamu ta'a.
- b) Murteen jijjiirraa barsiisaaf kennamu ulaagaalee bu'ureeffachuun koreen kan raawwatu sagalee caalmaa koree argateen yookaan sagalee guutuun yoo murtaa'e hojii irra kan oolu ta'a.
- c) Miseensotni koree hundi sagalee walqixa kan qabaatan yoo ta'ee, sagaleen gama lamaan jiru walqixa yoo ta'e kan gama walitti qabaatu fudhatamuu qaba.
- d) Jijjiirraa barsiisaa raawwachuuf miseensota koree keessaa yoo xinnaate $\frac{2}{3}$ argamuu qabu. Kanneen keessaa tokko bakka bu'aa Waldaa Barsiistotaa sadarkaan jiran argamuu qaba.

27.2. Mirga Komiifi Ol'iyyannoon Itti Dhiyeeffatuufi Murteen Itti Kennamuu Qabu

- a) Raawwii jijjiirraa sadarkaa Aanaatti barsiisaan komii qabu yoo jiraate komii isaa guyyoota 5(shan) keessatti Itti Gaafatamaa Mana Hojii sadarkaa ittaanee jirutti barreeffamaan dhiheeffachuu nidanda'a.

- b) Qaamni komii sadarkaa Godinaatti dhageeffatu koree jijjiirraa barsiistotaan ilaalamee yaada murtee kan argatuufi murteen kun Ittigaafatama Waajjiraatiin yoo mirkanaa'e murteen kenname abbaa dhimmaaf guyyoota 5(shan) hincaalle keessatti teessoo isaatiin deebiin kennamuufii qaba.
- c) Murtee qaamolee sadarkaa godinaatti yookaan bulchiinsa Magaalaatti itti kenname irratti abbaan dhimmaa itti quufuu yoo baate kooppii isaa wal qabsiisuun, unka komii ol iyyannoo keessatti komii ijoo ta'e guuchisuufi komii dhiheessaa irratti mallateessisuun barbaachisaa dha. Ragaan jiru immoo sirriitti qindaa'ee xalayaa gaggeessituun walqabsiisuun karaa waajjira komiin irratti dhihaatee yookan abbaa dhimmaatiin guyyaa shan keessatti Biiroo Barnootaa Oromiyaaf ergamuu qaba. Komiin kunis koree jijjiirraa Biiroo Barnootaa Oromiyaan erga ilaalamee booda guyyaa shan keessatti yaadni murtee kan kennamuufi Abbaa Adeemsa Hojii Daayireektooretii Misooma Barsiistotaafi Hoggansa Manneen Barnootaa Biiroo Barnoota Oromiyaaf dhiyaatee murtiin dhumaa guyyaa shan keessatti kan itti kennamu ta'a.

Hubachiisa

Sadarkaa Godinaaleefi Bulchiinsa Magaalaatti Caasaan Abbaa Adeemsa Hojii Misooma Barsiistotaafi Hoggansa Manneen Barnootaa akkaataa qajeelfama bara 2008 keessatti ibsameen waajjira barnootaa Aanaa, Godinaafi Bulchiinsa Magaalaa hundaatti waliitti qabaan yeroof koree jijjiirraa barsiistotaa I/A Itti Gaafatamaa fi qaamni jijjiirraa mirkanneessuu fi komiin dhihaatu kan ilaalee murtee dhumaa kennuu immoo Itti Gaafatamaa Wajjiraa Barnootaa ta'a.

27.3 Qaama Jijjiirraa Mirkanneessu

27.3.1 Jijjiirraa Raawwachuun Yaadni Murtee Koreedhaan Dhiyaate Tokko Kan Mirkanaa'u;

Jijjiirraa raawwatame tokko ragaalee mirkanneessu danda'aniifi qaboo yaa'ii koreen jijjiirraa qabate hunda walitti qindeessuun qaama mirkanneessuuf dhiheessuun kan raawwatamu ta'a. Haaluma kanaan:

- a) Sadarkaa Aanaatti Itti Gaafatamaa Wajjira Barnoota Aanaatiin ta'a.
- b) Sadarkaa Bulchiinsa Magaalaatti kan mirkanneessu Itti Gaafatamaa Waajjira Barnoota Bulchiinsa Magaalaatiin ta'a.
- c) Sadarkaa Godinaatti kan mirkanneessu Itti Gaafatamaa Waajjira Barnoota Godinaatiin ta'a.
- d) Sadarkaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatti Abbaa Adeemsa Hojii Misooma Barsiistotaafi Hooggantotaa Manneen Barnootaatiin ta'a

Kutaa Saddeet

28. Tumaalee Adda Addaa

28.1. Qabiinsa Ragaa

- a) Qaamoleen Jijjiirraa Barsiistotaa sadarkaa sadarkaan raawwatan kamiyyuu ragaalee jijjiirraa barsiistotaaf tajaajilan kan akka raga fudhaafi eerumaa, raga barnootaa, gosa barnootaa, muuxannoo hojii, korniyaa, raga meedikaalaafi kan kana fakkaatan hunda sirnaan qindeessanii qabachuun jijjiirraaf itti fayyadamuu qabu.
- b) Gaaffiin jijjiirraa barsiistotaa harcaatii tokko malee ofeeggannoo unka jijjiirraa barsiistotaa irratti guutamee haala gaaffii isaaniitiin qabxii isaaniitiin sadarkeessuun Aanaalee, godinaalee, Bulchiinsa magaalotaafi Kolleejjii Barnootaa barsiistotaaf ergamuu qaba
- c) Caasaaleen Barnootaa sadarkaa hundarratti argaman ragaalee barsiistotaa jijjiirraa wajjin walqabatan hunda of- eeggannoon qindeessuufi qabuu qabu.

28. 2. Dirqama Deeggarsa Kennuu

28.2.1. Qajeelfamni kun Aangoo Biiroo Barnoota Oromiyaatiif Labsii 199/2008 keewwata 22 Keewwata Xiqqaa 1 hanga 29 jalatti Eerameen Aangoo seeraan kennameef irratti hundaa’uudhaan kan qophaa’eedha. Kanaaf, haallii adeemsa raawwii isaas:

- a) Jijjiirraa barsiistotaa waliigaltee Naannoo Oromiyaafi naannoolee 8(saddeet) jidduutti taasifamuun.
- b) Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Biiroo Barnoota Oromiyaa jidduutti taasifamuun.
- c) Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Biiroo Barnoota Kaawunsilii Bulchiinsa Magaalaa Dirree Daawaa jidduutti taasifamuun waan hojii irra oolchuuf waan hojjatamuu qabuuf caasaalee barnootaa Naannoo Oromiyaa itti waamamni isaanii Biiroo Barnoota Oromiyaaf ta’an hundi qajeelfama kana raawwachuufi raawwachiisuuf dirqama qabu.

28.2.2. Sirna Gaafatamummaa

- a) Ragaalee dogoggoraa unka jijjiirraa irratti guutuun abbaa dhimmaa fayidaa argachuu qabu kan dhorkuu irratti rakkoo uumamuuf;
- b) Ragaalee jijjiirraaf barbaachisan yeroon qaama dhimmi ilaaluuf erguu dhiisuun yookan ragaalee dogoggoraa dabarsuun jijjiirraa seeraan alaa raawwachuu irraa kan ka’e rakkoo uumamuufi;
- c) Godinni yookan Bulchiinsi magaalaa fi aanaa tokko barsiisaa jijjiirraa argate yeroon gadidhiisuu osoo qabuu gadi hindhiisu jechuun barsiisaa baasii hintaane kan saaxilee fi mirga jijjiirraa isaa yoo sarbe Akkaataa Labsii Hojjetoota Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 61/94 keeyyata 66 tiin kan itti gaafatamu ta’ee, barsiisaan sababa Keeyyata 22 (a,b) kanaan baasiif saaxilame Seera Hariiroo Hawaasaa biyyattiitiin mirga beenyaa gaafachuu ni qabaata.
- d) Waajjirri Barnootaa sadarkaa kamiyyuutti argamu akkaataa fedhiifi gaaffii isaatiin barsiistota jijjiirraan ergamaniif ofitti fudhatee ramaduuf dirqama qaba. Kun ta’uu baannaan qaamni barsiisaa fudhachuu dide

baasii barsiisaan baase deebisee akkaataa Keeyyata 22(c) irratti ibsameen kan itti gaafatamu ta'ee; barsiisonni kun bakka baajjenni argametti kan ramadamu ta'a.

- e) Ragaalee jijjiirraaf barbaachisan yeroon qaama dhimmi ilaaluuf erguu dhiisuun yookan ragaalee dogoggoraa dabarsuun jijjiirraa seeraan alaa raawwatameef qaamni doggoraa uumee, qaamni yeroo kaa'ameen alatti seeraan ala jijjiirraa raawwatee argameefi barsiisaan seeraan ala jijjiirraa argachuuf jecha sababa jijjiirraa kamirrattiyyuu ragaa sobaa dhiheesse argame, Labsii hojjetoota Mootummaa Naanoo Oromiyaa Lakk. 61/94 keeyyata 66 keeyyata xiqqaa 10nii gocha gowwoomsuu/dogoggorasuu raawwateen adabbii naamusa cimaatiin kan itti gaafatamu ta'a. Dabalataanis, seera yakkaa bara 1996 bahee, seera yakkaa malaanmaltummaafi dhimmoota yakka malaanmaltummaatiin walqabataniinis kan itti gaafatamu ta'ee jijjiirraan raawwatamee battalatti kan haqamu ta'a;
- f) Barsiisaan sababa jijjiirraa seeraan alaatiin baasiif saaxilame Seera Hariiroo Hawaasaa biyya kanaatiini qaama seeraan ala jijjiirraa raawwatee irraa mirga beenyaa gaafachuu niqabaata
- g) Qaamni qajeelfama kana hojiitti akka hiikuuf qajeelfama kanaan Aangoon isaaf kenname, seeraan ala qajeelfama kana cabsuun faayidaa isaaf hinmalle argachuuf yookan qaamni sadaffaan faayidaa isaaf hinmalle akka argatuu taasissee yoo argame Bu'uura Seera Yakkaa Bara 1996 bahee, Seera Yakka Malaanmaltummaafi Dhimmoota Yakka Malaanmaltummaatiin Walqabataniifi Seera Hariiroo Hawaasaa Biyyatiitiin kan itti gaafatamu ta'a.
- h) Waajjirri Barnootaa fi Kolleejiin Barnootaa Barsiistotaa kamiyyuu haala gaaffii isaatiin barsiisaa jijjiirraan ergameef ofitti fudhatee ramaduuf dirqama qaba. Kanaaf, Godinaaleen, Bulchiinsi Magaalotaa yookan Koolleejiin Barnoota Barsiisootaa, barsiisaa qajeelfama hordofee unka jijjiirraa guutee jijjiirraan isaan biraatti argate tokkoo sababa adda addaa uumuun jijjiirraa dhoowwachuun yookaan dhorkuun gonkumaa hindanda'amu
- i) Aangoo koree jijjiirraa barsiistotaaf kennameen alatti yookaan koree jijjiirraa fi ramaddii barsiisootaa alatti qaamni biraa jijjiirraa barsiistotaa hojjetee yoo argame
- j) Jijjiirran seeraan ala sadarkaa kamittuu raawwatame tokkoo qulqullaa'e yoo mirkanaa'e battalatti kan haqamuufi qaamni jijjiirraa seeraan ala raawwate Labsii Hojjetoota Mootummaa Naanoo Oromiyaa Lakk. 61/94 Keeyyata 66 fi seera yakka malaammaltummaa bara 1996 baheetiin kan itti gaafatamu ta'a.

28.2.3. Seerota Raawwatiinsa Hin qabaanne

- a) Qajeelfamni kanaan duraa hojii irra turanii isa haaraa qophaa'e kana wajjin walhinsimneefi barmaatileen qajeelfama kana hojiirra oolchuu wajjin walfaallessan kamiyyuu raawwatiinsa hinqabaatan.
- b) Barsiisaa tokkoo iddoo tokko irraa gara biraatti bifa adabiitiin jijjiiruun hojjachiisuun hindanda'amu. Kanaaf, barsiisaan hojii mootummaa haala qajeelfamaa, seerafi heera jiruun raawwachuu diduun yakka

yoo raawwate akkaataa ulfaatina badii raawwateen tarkaanfiin naamusaa salphaa irraa hanga cimaatti kan irratti fudhatamu ta'a.

29. Fooyya'uu Qajeelfama Kanaa

Qajeelfamni kun yeroo kamiyyuu qoratamee fooyya'uu nidanda'a.

30. Yeroo Hojiirra Oolmaa Qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun Caamsaa, Bara 2010 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Tolaa Bariisoo (PhD)

Hogganaa Biiraa Barnoota Oromiyaa